



Suurri Saamu 'el Tasfaayetiin



ethio telecom | telebirr

**Kuufama Moobaayilaa Ayyaana Cuuphaa**

HIR'SA HANGA **%25**

Orifis bitadhaa, Kennaadhaanis gumaachaa!

Kan Guyyaa | Kan Torbanii | Kan Ji'aa

Hanga Amajjii 15 bara 2016tti

teleebirriin yoo bitatoon %10 dabaltoon ni argatuu!



## Marii biyyaalessaa dhiyootti eegaluuf hojiin hirmaattota calaluu gara xumuraatti jira

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Marii biyyaalessaa yeroo dhiyoo keessatti eegaluuf naannolee Amaaraafi Tigraayirraa kan hafe hojiin hirmaattota calaluu gara xumuraatti dhufuu Komishiniin Marii Biyyaalessaa beeksisse.

Komishinarri Komishinichaa Yoonas Adaayyee (PhD) Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, naannolee Amaaraafi Tigraayirraa kan hafe calalliin hirmaattotaa xumuraameera. Ameerikaa kutaalee muraasarraa kan hafe hawaasa

Gara fuula 14tti

## Haalli kabaja Ayyaana Cuuphaa Hara Danbal hawwata turiizimii ta'aa jira

**fuula 2**

## “Nagaafi jaalala cimsinee haa qabannu; bataskaanni oggaa cuuphaa kabajju nageenya addunyaa maraaf ni kadhatti”

- Abuna Maateyaas

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Ayyaanni Kataraa Bataskaana Ortodoksii Tawaahidoo Itoophiyaatiin kaleessaa sirna ho'aaan Jaanmeedaatti kabajame.

Paatiraariyaarkiin Bataskaanattii Abuna Maateyaas akka jedhanitti, ayyaanichi ayyaana nagaan, jaalalaafi tokkummaa ta'uu qaba.

Bataskaanni Ortodoksii Tawaahidoos nagaan biyyaaf nikadhatti. Hundumtuu nagaan cimsee qabachuu qaba. Nagaafi jaalala cimsinee haa qabannu; bataskaanni oggaa cuuphaa kabajju nageenya addunyaa maraaf ni kadhatti

Gara fuula 14tti



## “Ayyaanni Cuuphaa ayyaana fakkeenyummaa, tokkummaafi miidhagummaati”

- Abbootii Amantii

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Kabajni Ayyaana Cuuphaa duudhaa amantiirra kan darbe ayyaana fakkeenyummaa, tokkummaafi miidhagummaa ta'uu Abbootiin Amantii garaagaraa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf ibsan.

Raawwachiisaa Hojii Ittaanaan Mana Lubummaa Waliigalaa Mana Amantii Ortodoksi Tawaahidoo Itoophiyaa Luba Kitilaa Balaay Makonnon akka jedhanitti, Ayyaanni Cuuphaa ayyaana fakkeenyummaa, tokkummaafi miidhagummaa Itoophiyaatti bifa addaan kabajamudha. Kabajni ayyaanichaa bifa ho'aafi ajaa'ibsiisaa ta'uunsaa galmee addunyaa 'UNESCO'tti akka galmaa'uuf sababa ta'eera,

Ayyaanni galmee addunyaatti galmaa'e faayidaa biyyaaf argamsiisuun kun kan kirsitaanotaa qofaa osoo hintaane kan

Gara fuula 14tti

Gara fuula 14tti



Luba Kitilaa Balaay Makonnon



Luba Taagaay Taaddalaa



## “Cuuphaa wayita kabajnu, amantiifi aadaa cinaatti wantoota imala dhala namaaf fayyadan haa yaadnu”

- Abiyi Ahmad (PhD)

Kutaa Qophiitiin

**Finfinnee:** Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad Ayyaana Cuuphaa sababeeffachuun ergaa бага ittiin isin gahee dabarsaniin, Yesuus Kiristoos dhalachuun imallisaa kufaati Addaam kan hordofe ta'uu eeraniiru.

Gara fuula 14tti



# ODUU

## Haalli kabaja Ayyaana Cuuphaa Hara Danbal hawwata turiizimii ta'aa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Haalli kabaja Ayyaana Cuuphaa Hara Dambal turistoota haalaan hawwachaa jiraachuu Bulchiinsi Magaala Baatuu beeksise.

Kantiibaan magaalichaa Obbo Ahmaddiin Ismaa'el Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, magaalichatti kabajni Ayyaana Cuuphaa bara kanaa kan baroota darbanirraa haala adda ta'een bifa ho'aafi miidhagaatiin kabajama kanaafis qooda fudhattoota waliin qindoominaan hojjetamaa jira.

Akkasaan jedhaniti, Ayyaana Cuuphaa sababeeffachuun agarsiisni Hara Dambaliratti waggaa waggaadhaan qophaa'u madda turiizimii ta'aa jira. Baay'inni turistoota agarsiisicharratti argamaniis yeroodhaa gara yerootti dabalaa kan dhufe yoo ta'u, bara kana haala adda ta'een kabajuufis bulchiinsi magaalichaa dhaabbilee miidiyaa waliin ta'uun hojii piromooshinii adda addaa hojjechaa turuu himu.

Naannawaa ayyaanichi itti kabajamus turistootaafi hawaasa ayyaanicha kabajanif



Haala kabaja ayyaanichaa kan bara darbee

mijataa gochuuf koree miseensa abbootii qabeenyaafi qaama mootummaa hammate hundessuun hojjetamaa turuu dubbatu.

Wayita Ayyaanni Cuuphaa kabajamu qofa osoo hintaane magaalichiifi naannawaansaa waggaa guutuu turistootaan akka daawwatamu gochuuf bu'uraalee misoomaa barbaachisan guutuudhaan, namootaafi dhaabbilee damee tajaajila

turiizimiiiratti hirmaataniifi tajaajila kennan jajjabeessuudhaan gara hojjiitti akka galan taasifamaa jiras jedhaniiru.

Magaallisaanii rakkoo nageenyaarraa bilisa ta'uu ibsanii, namootni gara magaalichaatti daawwannaa, bashannanaafi kabaja ayyaanichaaf imalan yaaddoo tokko malee bakka fedhan dhaqanii daawwachuuf wanti isaan rakkisu akka hinjirre hubachiisaniiru.



## “Alaabaan keenya fannoo Kiristoosi”

- *Abbaa Saawroos*

Waasihun Takileetiin

**Wanci:** Ayyaana cuuphaa Godina Shawaa Kibba Lixaa, Hara Wanciitti har'a kabajamurratti Walittiqabaan Gumii Dhaabbilee Amantii Oromiyaa, Phaaphaasiin Godina Shawaa Kibba Lixaafi Dursaan bataskaana Miskaayahaazunaan (Finfinnee) Abbaa Saawroos argamaniiru.

Taabota Qirqoosiifi Taklaaymaanot Hara Wanciiratti bahurratti argamuun adatti Gaazexaa Bariisaatiif ibsa kan kennaan Abbaa Saawroos siyaasaafi amantiin gargar ta'uu kaasaniiru. Amantiin Ortodoksii siyaasa osoo hintaane Kiristoos lallaba. Kanaafis faajjiin keenya fannoodha jedhan.

Bataskaanni Qirqos Hara Wanciiratti argamu umrii ganna 100 oliifi seenaa addaa akka qabu eeraniiru. Nuti ijoolleen Kiristoos fannoo fannoo qabannee cuuphaa kabajuu qabna jedhan.

Jibbi, amantiifi siyaasni walmakuun tokkummaafi jaalala Kiristoos waliin qabnurraa kan nufageessu waan ta'eef hafuuratti guddachuu qabna jedhanii; Kiristaanonni tokkummaasani eeggachuuf hafuuratti guddachuun siyaasarraa fagaachuu qabu jechuunis ibsaniiru.

Siyaasaafi amantiin walnujalaa maknaan duudhaa amantiin keenyaa kan ballessuufi jibba kan babal'isu ta'uu eeranii, ergaa “Cuuphaan alanaa kan jibba itti injifannu, jaalalaafi tokkummaa obnolummaa itti gabbifannuudha” jedhus dabarsaniiru.

Jibba jaalalaan waljifachuu cuuphaafi hafuura Waaqayyootiin injifachuun nagaan buusuu qabnas jedhan Abuna Saawuroos.

Ayyaanni Cuuphaa har'a naannawaa Ikoo Turizimii Wanciitti sirna ho'aadhaan kan kabajamu yoo ta'u, feestivaalli guddaan gugsii fardaas ni geggeeffama.

## Pirojektoonni Finnaa xumuraman bu'aa qabatamaa argamsiisaa jiru

Gammachuu Kadiiriin

**Finfinnee:** Rakkoo hawaasa horsiisee bulaa furuuf pirojektoonni Finnaa godina Booranaatti xumuraman bu'aa qabatamaa argamsiisaa jiraacuu Biiron Misooma Jal'isiifi Horsiiisee Bulaa Oromiyaa ibse.

Biirichi ayyaana horsiisee bulaa marsaa 19<sup>ffaa</sup> akka naannootti mata duree “Misooma naannawaa horsiisee bulaa badhaadhina biyyaaf” jedhuun barana kabajamu sababeeffachuun Kamisa darbe ibsa miidiyaa kenneera.

Hogganaan biirichaa Injinar Girmaa Raggaasaa akka jedhanitti, mootummaan naannichaa rakkoo jijjiirama qilleensaana walqabatee horsiisee bulaa miidhan furuuf pirojektoota hojjetamaa jiran keessaa sagal xumursiisuun tajaajila jalqabsiiseera. Akka waliigalaatti pirojektoota hongee dandamachiisan bajata mootummaa naannichaa qarshii biliyoona 10 oliin hojjechaa jira.

Qabeenya naannoo horsiisee bulaa sirnaan fayyadamuufi rakkooolee jiran furuuf mootummaan karoora yeroo gabaabaafi dheeraa baasee hojiirra oolchaa jiraachuu eeranii, rakkoo uumamaafi namtolcheen balaa hongee namaafi qabeenya beeyladaa naannawaa horsiisee bulaa miidhe maqsuuf furuuf waggootan arfan darbanitti hojiiwwan gurguddoon hojjetamuus yaadachiisaniiru.

Naannawaan horsiisee bulaa Oromiyaa laggeen baddaarraa maddan kanneen akka Awaash, Waabii Shabaleefi Gannaalee kanneen bonaafi ganna hingogne keessa qaxxaamuran waliigalaan %43 irra qubachuufi qabeenya beeyladaa miliyoona 16 ol akka qabus ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun, qabeenya uumamaa akka bosonaa, bu'aa bosonaa, bineensota bosonaa qabaachuu himanii, qabeenyotni kunneen ikoolojii naannawaa eeguu, ho'iinsa qilleensaa to'achuu, rooba harkisuu, dhiqama biyyee xiqqeessuu, da'oo bineensotaa, nyaata beeyiladootaa, ijaarsawwan adda addaaf ooluun naannawaa horsiisee bulaatti sharafa biyya alaa argamsiisuuf shoora olaanaa qabu.

Ta'us rakkoo jijjiirama qilleensaana walqabatee hongeeffii daldala seeraan alaa dabalatee jireenyaafi dinagdee horsiifatee bulaatti rakkoo ta'aa jiraachuu kaasu.

Bara kanas guyyaan horsiisee bulootaa wayita kabajamu qabeenya dilbii naannawaa horsiisee bulaa misooma biyyaaf oolchuuf rakkooolee naannawaa kanatti mudatan qindoominaan irratti hojjechuun rakkooolee jiran maksuuf akka ta'e ibsaniiru.

Mata duree “Dinagdee naannaawaa horsiisee bulaafi dandamannaa jijjiirama qilleensaa” jedhuun mariin paanaalii magaalaa Finfinneetti Amajjii 13 akka eegalu himanii, marichis poteenshaala naannawaa horsiifatee bulaatti argamuufi qormaata haala qilleensaarratti xiyyeeffata jedhaniiru.

Poteenshaalaafi carraa naannawaa horsiisee bulaa jiru adda baasuun madda investimantii, daldalaa, turizimiifi aartii gochuun hojjiin Oromiyaa beeksisuufi horsiisee bulaa, hojjetoota, qooda fudhattootaafi caasaalee sadarkaan jiraniif beekantiin ni kennama jedhaniiru.





# Ijoo Dubbii

## Araaraafi dhiifamni duudhaa jireenyaa keenya guyyuu ta'uu qaba

Dhalli namaa seera jireenyaa uumaan isa badhaase cabsee jireenya eebbaafi abdiin guutames dhabee imala badiisa adabbii bara baraa hordofsiisu akka imale Macaafni Qulqulluun nuuf mirkanessera.

Haala kanaan namoonni jalqaba harka Waaqayyootiin uumaman Addaamiifi Hewaan wayita seera cabsan addunyaan kun guutummaati ifarraa gara dukkanaa; eebba irraa gara abaarsaa, tokkoomuu irraa gara wal-diiguu, jireenya dhugaa irraa gara jireenya fakkeessatti akka darbite barumsi Amantii Kiristaanaa ni mul'isa.

Kanaanis ilmi namaa mootummaa Waaqaa irraa fageeffamee bilisummaa qabus dhabe. Garbummaa jala galuun kufaati hamaa keessummeesse; simboofi ayyaana qabu sana dhabee jooree jaawware.

Waggoota baay'ee booda garuu Waaqnis akka nama ofirraa fageessetti hinhafne. kan kufe kaasee kan bades barbaaduuf kabajaafi ulfina waaqummaa qabu hunda osoo homaatti hin lakkaa'ii salphina gara ulfinaatti deebisuuf nama ta'ee dhalate. Namoota waliinis jiraachuun gara laga Yoordaanosittis gad bu'ee waamicha qalbii jijjirannaa Yohaannis cuuphaan ilmaan namootaaf taasisaa ture dhaga'ee gadi jedhee abboomamee cuuphamuun daandii araaraafi dhiifamaa gochaan agarsiise.

Kanaanis Yesuus Kiristoos kan kufe kaasuuf gad jechuu, kan bade barbaaduufis obsaan guutamani aarsaa barbaadamu kaffaluun daandii dhiifamaafi araara ilmaan namootaaf kan saaqe har'a waggoota 2016 ol lakkoofsiseera.

Cuuphaan fakkeenya ce'umsa haaraa dukkana irraa gara ifa birmadummaa guutuu qabuu ta'uus hubachiise. Kanaafis hordoftoota Amantii Kiristaanaa biratti Ayyaanni Cuuphaa araara, dhiifamaafi gara laafummaa Waaqayyoo kana yaadachuuf waggaa waggadaahan haala ho'aafi hawwataadhaan kabajama.

Cuuphaa booda jibbiifi haaloo ba'uun, sanyummaan walqooduufi waltakaaluun dhiifamaan bakka buufama. Duudhaa gaariin tokkummaa cimsuu, jaalalaan waliif yaaduufi jireenya araaraan guute waliin jiraachuu har'as biyya keenya keessatti deebi'ee akka dagaaguufi lalisuuf hunda keenyarraa dhamaatii guddatu eegama.

Kunis qormaataan kan guutame ta'us, ifa fuula keenya dura jiru manii guddaa sana bira ga'uuf hunduu tumsuu qaba. Tokkummaa jabeessuunis riqicha araaraafi dhiifamaa ijaaruu birmadummaa biyya guutuu taasisuuf xiiqiifi kutannoon hojjechuu barbaachisa.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojiileen hojjetaman hundi hirmaannaa ummataa malee milkaa'uu akka hindandeenye waan hubateef tarkaanfii haaraa humnoota waloo hojii irra oolchaa jiraachuu Pirezdaantiin Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa ni ibsu.

Ummannis duudhaa gaarii qabnu jabeessuun tokkummaa cimsatee maree araaraa jalqabame roga hundaan akka milkaa'uuf hojjechuu, misoomni gama hundaan jalqabames ititee hiyyummaa seenaa taasisuuf akkuma xiiqiin jalqabame xiiqiin goolabamuu qaba jedhu.

Ummanni biyyattiis duudhaa Ayyaanni Cuuphaa ittiin beekamu araaraafi dhiifama guyyaa ayyaanichaa qofa osoo hintaane jireenyasaa guyyuu keessatti amaleeffachuun yoomiyyuu caalaa tokkummaasaa cimsachuu qaba. Akkuma Waaqayyoo cubbuu dhala namaa dhiisee garaa dhiifamaatiin itti araarama nutis garaa dhiifamaa qabaachuu, badii walii lakkaa'uura wantoota walitti nu fidan lakkaa'uun gara nagaafi tokkummaati dhufuun nurra jiraata.

# Yaada

## “Pirojektiin Ikoo Turizimii Wancii-Dandii dukkana keessaa ifatti nu baase”

- *Jiraattota naannawaa pirojektichaa*

### Natsaannat Taaddasaatiin

Ijaarsi Pirojektii Ikoo Turizimii Wancii yeroo ammaa ijaarsisaa xumuramee eebbifameera. Eebbaan dura qopheessummaa Biiroo Dhimoota Kominikeeshinii mootummaatiin gareen gaazexeessitootaa sadarkaa ijaarsi pirojektichaa irra jiru daaw'ateera. Barreeffama kanaan yaada jiraattonni naannawaa pirojektichaa nuuf kennan akka armaan gadiitti qindeessinee dhiyeessineera.

Obbo Raggaasaa Bultoo jiraataa Magaalaa Ambooti. Yaada nuu kennaniin akka jedhanitti, hojiileen misoomaa mootummaan kun iddoowwan gara garaatti raawwachaa jiru dubbatamee hindhumu. Pirojektiin Ikoo Turizimii Wancii-Dandii ijaarsisaa xumuramaa jiru kunis hojiilee misoomaa mootummaan naannolee gara garaa keessatti raawwachaa jiru keessaa isa tokko. Pirojektiin kun jireenya hawaasa naannawaa fooyyessuurra darbee dinagdee naannichaa ta'e biyyattii utubuu keessatti gahee olaanaa qaba.

“Qonnaan bultoonni naannawaa Haroo Wancii dammaafi warqee omishuufi fardeen horsiisuudhaan beekamu. Hawaasni naannawichaa keessummaa simachuufi kabajuudhaanis beekamaadha. Hawaasni naannawaa Haroo Wancii kanaan dura utuu naannawaan harichaa hinmisoomiin, daandiinis hinjaaramin turistoota biyya keessaafi biyya alarraa haricha daawwachuu dhaqaniif farda dhiyeessanii, nyaachisani, bakka bultii kennaniifi haalaan simatani kabajaan geggeessaa turan. Yeroo ammaas turistoota dhufan simachuuf qophiidha” jedhu.

Pirojektiin kun jiruufi jireenya hawaasa naannawichaa jijjiiruu, turistoota biyya keessaafi alaa harkisuufi galii damee turizimiiirraa argamu guddisuun dinagdee biyyaa utubuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu kaasanii, pirojektoonni walfakkaatoon naannolee biroo keessattis ijaaramaa jiraachuufi pirojektoonni kunneen guddina dinagdee biyyattiif abdi guddaa ta'uu himu.

Ijaarsi pirojektoota kunneenii to'annoofi hordoffii mootummaa waan qabaniif qulqullina sadarkaasaa eegeen ariitiin xumuramuu himanii, to'annoo mootummaan pirojektoota kunneenirratti taasisa ijaarsa pirojektoota biroorrattis taasisamuu akka qabu gaafatu. Fakkeenyaaf ijaarsi daandii Amboo-Walisoo waggoota saddeet ol lakkoofsisuufi hanga ammaatti xumuramuu dhabuunsaa ummata biratti komii guddaa uumuu ibsu.

Haroon kun mana hawaasa naannawichaati kan jedhan Obbo Raggaasaan, namni mana keessa jiraatu ofirratti hindiigu waan ta'eef hawaasni naannawaa haricha akkuma manasaatti eeguu, kunuunsuufi misoomsuu akka qabu yaadachiisu.

Turistoonni biyya keessaafi biyya alaa iddoo hawwata turizimii misoomaniifi misoomaa jiran akka daawwataniif nageenyi mirkanaa'uu akka qabu eeranii, mootummaafi qaamoleen hidhatanii bosona jiran mariifi karaa nagaan araaraafi naga buusuu akka qabuufi yaaliin araara buusuuf taasisamu



Obbo Raggaasaa Bultoo



Obbo Tashaalaa Sabbooqaa

hamma ija godhatutti itti fufuu akka qabu himu. Abbootii Gadaa, Haadhooliin Siinqee, jaarsoliin biyyaafi abbootiin amantiis dhimma nageenyaa kanarratti xiyyeeffatani hojjechuu akka qaban dhaamu.

Obbo Tashaalaa Sabbooqaa qonnaan bultoota naannawaa Haroo Wancii jiraataniifi bakkichumatti dhalatani guddataniidha. Qonnaan bulaan kun akka jedhanitti, utuu ijaarsi pirojektii Ikoo Turizimii Wancii-Dandii hinjalqabamiin dura hawaasni naannawichaa bu'uraalee misoomaa kanneen akka ibsaa, daandii asfaaltii, manneen barnootaa waan hinqabneef ijoolleesani Magaalaa Amboofi Walisoo deemanii barachuuf dirqamaa turan. Ijoolleesaa kan barsiifatus nama xiqqoo dinagdeen of danda'u qofadha.

Mootummoota darban waliin qaamaan wal arganii akka hinbeekne kan himan qonnaan bulaan kun, mootummaan jijjiiramaa Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmadiin hogganamu garuu qaamaan isaan bira ga'ee pirojektiin kun akka ijaaramu taasisuu himu. Ijaarsa pirojektichaatiin yeroo ammaa bu'uraalee misoomaa kanneen akka mana barumsaa, daandii asfaaltii, ibsaa argachuufi pirojektichi ijoolleesaniifis carraa gaarii uumuu kaasu.

Duraan rakkoo daandii waan qabaniif ijoolleefi dubartoonni yoo dhukkubsatan ofii baatanii deemuun Ambooti yaalchisaa turuu kan dubbatan qonnaan bulaan kun, dhukkubsataan daandiiirratti lubbuunsaa darbe turusaa yaadatu. Pirojektiin kun dukkana keessaa ifatti isaan baasuufi addunyaa haaraa isaanitti agarsiisuus himu.

Hawaasni naannawichaa irra jireessaan damma omisha kan jedhan Obbo Tashaalaan, ofisaaniitiis gaagura aadaa 70 kan qaban yoo ta'u, dammi naannawichaa qorichummaan kan barbaadamu waan ta'eef kiiloo tokko hanga qarshii kuma tokkotti akka gurgurachaa jiran himu.



## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Piresii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

**Gulaalaan**

**Charinnat Hundeessaa**

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**

*Saamraawit Girmaa*

*Natsaannat Taaddasaa*

*Bayyanaa Ibraahim*

*Waasihuun Takilee*

**Adeemsisaa Hojii**

*Bil. 011-126-42-22*

**Kutaa Beeksisaa:**

*Bil. 011-156-98-73*

**Raabsa Gaazexaa**

*Bil.011-157-02-70*

**Faaksii Kutaa Qophii**

*251-011-1-5698-62*

*L.S.P 30089*

*email-bariisaa@press.et*



**Ethiopian Press Agency**



# ODUU



Obbo Yaa'iqoob Taaddasaa

## Oromiyaan hojjetoota mootummaa kuma 50f qormaata kennuuf karoofate

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Biiron Paablik Sarvisiifi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa bara kana hojjetoota naannichaa kuma 50f qormaata mirkaneessa ga'umsa ogummaa kennuuf karoofate, hanga ammaatti hojjetoota kuma 12fi 50 kennuu beeksise.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Yaa'iqoob Taaddasaa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Oromiyaan hojjetoota mootummaa naannichaaf qormaata mirkaneessa ga'umsa ogummaa kan kennuu jalqabe bara 2012tti. Ta'us bara 2015 sirriitti lafa qabsiisuun hojjetootni kuma 16fi 500 ta'an sirna qormaata kana keessa akka darban taasifameera.

Akka isaan jedhanitti, hojjetaan tokko wayita madaalamu qabxiin qormaata kun % 25 qofa ulaagaa madaallii keessa kan seenu yommuu ta'u harki caalu jechuunis % 75 muuxannoo, sadarkaa barumsaa, raawwii hojiifi naamusaa hammata; kanneen keessaa % 22 muuxannoo hojiiratti xiyyeeffata.

Kaayyoon qormaatachaa namni hojii hojjetuufi beekumsa waliigalaarratti hubannoo qabu beekuuf kaka'umsa hojjetaan hojiif qabu dabaludha kan jedhan Obbo Yaa'iqoob, namni qormaata kanatti milkaa'uu dhabes akka jedhamu hojiirraa ari'ama osoo hintaane sadarkaarraa gad bu'ee kan ramadamu ta'us himaniiru.

Akka Oromiyaatti, qormaata kana ilaalchisee hubannoo ga'an kennamaa waan tureef rakkoon mudate kan hinjirre ta'uu himanii, namni tokko beekumsa wayitawaafi kan hojii waliigalaa qabaachuuf haala inni itti qopheessuurratti hojiin hubannoo uumuu bal'inaan kennamuu hubachiisaniiru. Qormaatachaa ilaalchisee duubdeebiin hojjetas gaarii ta'uu kaasaniiiru.

Tajaajila si'ataa kennuuf ga'umsa hojjetaa fooyyessuuf seerri bulchiinsa hojjetoota mootummaa lakk.215/2011 Caffee Oromiyaa ba'uu yaadachiisani, bara 2012 eegalee shaakala keessa turuun bara 2015 seera jiru akkaataa lakk.24/2015tiin qormaata kennuutti seenuu himaniiru. Milkaa'ina qormaataa kana keessatti gahee leencaa taphachaa kan jiru Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa ta'uu himaniiru.

Haaluma walfakkaatuun, hojiin ragaa barnootaa qulqulleessuu ilaalchisee Obbo Yaa'iqoob akka jedhanitti, kanaan dura dhaabbata barnootaa hojjetaan sun itti barateef xalayaa barreessuun ragaansaa dhugaafi ta'uu dhiisuunsaa qulqullaa'ee akka dhiyaatu taasifamaa ture. Kun ammoo haala yaadameen bu'a qabeessa hintaane. Amma garuu eeyyama dhaabbilee barnootaa qaama kennuu Abbaa Taayitaa Leenjii Barnoota Federaalaa walta'uun qixa sirriin hojjechaa jiraachuu dubbataniiru.

Haaluma kanaan ragaalee barnoota hojjetootaa digirii jalqabaafi sanii olii kan dhaabbilee barnoota dhuunfaarraa argaman dursa qulqulleessuuf hojii eegalameen manneen hojii naannichaa 52 jiran keessaa hanga ammaatti ragaalee hojjetoota kuma saddeetii kan manneen hojii 24 godinaalee shaniifi bulchiinsa magaalaa torbaarra walitti qabamuusaa ibsaniiru.

## “Rakkoon bishaan dhugaatii Magaalaa Walisoo barana guutummaatti ni furama”

Obbo Daanyaachoo Tashoomaa (Kantiibaa magaalattii)

Natsaannat Taaddasaatiin

**Walisoo:** Walisoon magaalaa guddoo Godina Shawaa Kibba Lixaa yoo taatu, Finfinneerraa kiiloo meetira 114 fagaatee argamti.

Jiraataa magaalaa Walisoo kan ta'an Obbo Rattaa Wandimuu yaada garee gaazexeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, bu'uraaleen misoomaa magaalattii sadarkaa gaariirra jiraatus fedhii hawaasaa kan guute miti. Daandiin koobilii keessoo magaalattii wal hingenye. Rakkoon bishaan dhugaatiifi ibsaas bal'inaan mul'ata. Bishaan hanga ji'a tokkoo turuu danda'a, ibsaanis yeroo baay'ee ni ciccita.

Ijaarsi daandiin Walisoo-Amboo kiiloo meetira 68 ta'u erga jalqabee waggoota lakkoofsus hanga ammaatti xumuramuu dhabuun, kenniinsi tajaajilaa hanqina qabaachuun jiraattota magaalattii biratti komii uumee jira jedhu.

Jiraataadhuma magaalattii kan ta'an Obbo Abarraa Dassaalany gamasaaniin akka jedhanitti, jiraattonni magaalattii rakkoo bishaan dhugaatiifi qaala'ina gatii midhaaniitiin miidhamaa jiru. Bishaan badee bakka hanga torban lamaatti turu jira. Qaala'iinni gatii midhaaniis hiyyeessi nyaatee akka hinbulle taasisaafi galii argatanii jiraachuu dadhabsiisaa jira. Rakkoon hojhdabummaas babal'ateera.

Kantiibaa Magaalaa Walisoo kan ta'an Obbo Daanyaachoo Tashoomaa akka jedhanitti, bu'uraaleen misooma magaalattii bajata mana qopheessaa, bajata idileefi hirmaannaa ummataatiin hojjetamaa jiru. Pirojektiin bishaan dhugaatii qulqulluu, buufatni konkolaataa guddaaniifi bu'uraalee misoomaa baay'ee murteessoo mootummaa naannoo Oromiyaatiin darbees bulchiinsa magaalattiitiin ijaaramaa jiru.

Ijaarsi Pirojektii Iko Turizimii Haroo Wancii Dandii misoomaafi guddina magaalattiif deeggaruu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'us eeraniiru.

## Hojiin misooma sululaa Oromiyaa firii gaarii argamsiisaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

**Jimma:** Oromiyaatti hojiin misooma sululaa waggoota shanan darban hojjetaman firii gaarii argamsiisaa jiraachuu Biiron Qonna Oromiyaa beeksise.

Hogganaan biirichaa Obbo Geetuu Gammachuu Kamisa darbe yommuu hojii misooma sululaa baranaa Godina Jimmaa, Aanaa Naaddaa, Ganda Caffee Nagayaatti jalqabsiisan akka jedhanitti, hojiin naannichatti baroota darban hojjetame omishaafi omishtummaa qonnaa dabaluu keessatti bu'aa olaanaa argamsiiseera.

Akka isaan jedhanitti, hojichaan naannichatti lafti manca'ee deebi'ee misooma omisha kenna jira. Haroowwan, lageeniifi burqaawwan goganis deebi'aa jiru. Hojii misooma sululaatiin daagaa hidhuu qofa osoo hintaane hojiileen jiruufi jireenya qonnaan bultootaa jijjiiraniifi galii biyyaa dabalaa hedduun hojjetamaniiru. Hojiileen akka misooma dammaa, horsiisa looniifi qurxummiifaas bu'aa gaarii argamsiisaniiru.

Naannichattii barana tajaajila lammummaatiin hojiin ummata miliyoona 9.8 hirmaachisuun lafa hektaara miliyoona 3.2 sagantaa misooma sululaatiin misoomsuuf guyyaa 60f kan turuudha.



Obbo Tolasa Tarrafaa

(Suurri Haddush Abrahaatiin)

Uwwisni bishaan dhugaatii magaalattii lakkoofsa ummata magaalattiin kan walhingitne ta'uu himanii, lakkoofsi ummata magaalattii kuma 180 ol akka ta'e eeranii, rakkoo bishaan dhugaatii hawaasa magaalattii furuuf pirojektiin bishaan dhugaatii tokko mootummaa naannichaatiin hojjetamaa jiraachuu himu. Hojiin ijaarsa pirojektichaa waggaa lama dura kan eegale ta'uufi raawwiin hojjiisaa %70 irra qaqqabuus ni kaasu.

Hojiin ijaarsa pirojektichaa Waxabajjii 30 bara 2016tti kan xumuramu ta'uu himanii, hojiin ijaarsa pirojektichaa xumuramee tajaajila kennuu yoo jalqabu rakkoo bishaan dhugaatii hawaasa magaalattii guutummaatti kan furu ta'uu eeraniiru.

Akkasaan jedhanitti, hojiin misooma magariisummaafi qulqullina magaalattii mirkaneessuu bajata mootummaafi hirmaannaa hawaasaatiin raawwatamaa kan jiru yoo ta'u, hojiin kun miidhagina magaalattii daran dabaluu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf ittifufiisaan kan raawwatamu ta'a. Hojii misooma magariisummaa magaalattiif bajatni qarshii miliyoona 12 qabameera.

Kenna tajaajilaa mirkaneessuuf hoggantoonni manneen hojii hundi torbanitti guyyaa sadii

(Wiixata, Roobiifi Jimaata) karaa guutuu ta'een abbootii dhimmaa akka tajaajilan taasifamuu kan himan Obbo Daanyaachoon, kana jechuun hawaasni tajaajila argatutti quufeera jechuu waan hintaaneeff hojicha ammayyeessuu cimee kan ittifufu ta'uu himu.

Daandiin asfaaltii keessoo magaalattii kiiloo meetira 22 waggaa sadii dura dizaayiniinsaa Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaatiin hojjetame hanga ammaatti hojjetamuu dhabuun hawaasa biratti komii uumuu himanii, kunis sababoota adda addaatiin harkifatus kan ijaaramu ta'uu dubbatu.

Ijaarsi daandii Walisoo-Amboo bara 2006 jalqabame hanga ammaatti xumuramuu dhabuunis hawaasa biratti komii uumeera kan jedhan kantiibichi, ijaarsa daandii kana yeroo gabaabaa keessatti xumuruuf hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Bulchiinsa Godina Shawaa Kibba Lixaa Obbo Tolasa Tarrafaa akka jedhanitti, harkifannaan ijaarsa daandii Walisoo-Amboo mootummaa federaalaan hojjetamaa jiru hawaasa biratti komii guddaa uumee jiru yeroo gabaabaa keessatti akka xumuramuuf kallattiin taa'ee hojjetamaa jiraachuu himaniiru.



Hojii misooma sululaa godina Jimmaatti eegalame

Godinaalee hundatti misoomsuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu Obbo Geetuu ibsaniiru. Akka naannootti bakkeewwan hojichi itti hojjetamu sululawwan kuma ja'aafi 465 adda baafamuus dubbataniiru.

Jimmi godinaalee godina inisheetiiviiwwan qonnaa itti lafa qabachaa jiraniifi hojiin misooma sululaa baay'inaan itti hojjetamaa jiruudha kan jedhan Obbo Geetuu; baranas hojii boonsaan akka hojjetamu abdi qaban ibsaniiru.

Bulchaan Godina Jimmaa Obbo Tijaanii Naasir gamasaaniin godinichatti misooma sululaatiin hojiileen misooma qonnaa damdannessummaan hojjetamaa jiraachuu eeranii, kanaanis godinichi

misooma dammaa kilaastara 510n akkasumas hojii kunuunsaa biqiltuu kilaastara 510n hojjetaa jira. Hojii kilaastaroota misooma sululaatiin walqabatee namoota kuma shaniif carraan hojii uumamuu ibsaniiru.

Erga hojiin misooma sululaa kutannoon hojjetamuu jalqabee godinichi misooma muuzii finiinsaa jira jedhani, bara darbe godinichi muuzii kiilogramma kuma 74 gabaa alaatti erguus yaadachiisaniiru.

Bishaan godinichi qabuttis fayyadaman barana oomisha jallsii boneetiin qofa lafa hektaara kuma 453 misoomsaa jiraachuu ibsaniiru.



# Mijuu

**BARIISAA SANBATAA** Amajjii 11 Bara 2016




**Duudhaafi aadaa  
Ayyaana Cuuphaa  
keessatti calaqqisan**

*fuula* **10**

**“Ayyaanonni akka Cuuphaa  
addababa’iitti kabajaman  
duudhaaleesani  
ganamaatti deebi’uu qabu”**

*- Abbaa Daani’eel Haasoo (PhD)*



*fuula* **6**



**“Alaabaan keenya  
Kiristoosi, isaaf  
hojjenna afaanuma  
beeknuun isa  
waaqeffanna”**

*Hangafa Faarfattootaa  
Diyaaqoon Firaanol Moosisaa*

*fuula* **9**



## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Ayyaanonni akka Cuuphaa addababa’iitti kabajaman duudhaaleesani ganamaatti deebi’uu qabu”

- Abbaa Daani’eel Haasoo (PhD)

Charinnat Hundessaatiin

**D**ubbistoota keenya amantii Kiristaanaa hordofan maraan бага аyyaana Cuuphaa har’a kabajamaa jiruun nagaan isin ga’e jechaa Bariisaan maxxansasaa kanaan ayyaanichuma sababeeffachuun gaafdeebi’ii hayyuu amantii cimaa tokko wajjin taasisse qabatee dhiyaateera.

Hayyuun kunis Abbaa Daani’eel Haasoo (PhD) jedhamu. Bataskaana Kaatolikii Itoophiyaatti Ittigaafatamaa Kutaa Barnootaati. Turtii isaan wajjin taasisneen dhimmoota iccitiwwan (dhoksaawwan) cuuphaafi duudhaasaa, dhaloota naamusaan qaruu, haasaa jibbiinsaa tibba darbe phaaphaasiin tokko tamsaasan, marii biyyaaleessaafi waa’ee ulгаа galaanaa kaasneerraa dubbisa gaarii.

Gaafdeebi’ii keenya kan eegalle eebba Abbaa Daani’eel ittaanuuni. “Ummanni kiristaanaa jaalatamoon, Waaqayyo arjaan hunda keessan nagaan eegee бага Аyyaana Cuuphaa gooftaa keenya Yesuus Kiristoos bara 2016n isin gaha.

**Bariisaa:** Abbaa Daani’eel eessatti dhalatan?

**Abbaa Daani’eel:** Kanin dhaladhe Godina Arsii Lixaa, naannawa Shaashamanneetti.

**Bariisaa:** Haala barnootaafi hojii keessanis otoo nuu ibsitanii?

**Abbaa Daani’eel:** Ergan barnoota falaasamaafi tiyoolojii biyya keessatti hordofee booda ALA bara 1997 lubummaan naa kenname. Kanaan isid doowwan adda addaatti tajaajileera. Fakkeenyaaf Ambo, Jimma, Kafaafi Naqamteefa’itti ittigaafatamaa Kaatolikii ta’ee hojjedheera.

Booda barnootaaf gara Ameerikaa, Chikaagootti ergamee maastarsiifi ‘PhD’ koo hoggansaafi maanaajimantii barnootaa (educational leadership and management) hojjedhe. Barnoota koo xumuree deebi’ee iddoowwan adda addaatti hojjedheera. Ammaan tana ammoo akkuma irranatti eerree Bataskaana Kaatolikii Itoophiyaatti Ittigaafatamaa Kutaa Barnootaa ta’een hojjetaa jira.

**Bariisaa:** Waliigalaan bataskaana Kaatolikii keessa hamma tajaajiltaniirtu?

**Abbaa Daani’eel:** Bataskaanicha keessa gara waggoota 30f tajaajileera. Oggaan Chikaagoo barnootarra turettis lammiilee Itoophiyaa amantii Kaatolikii hordofaniif tajaajila kennaan ture. Daalaas Teeksaasitti, Minisootaa, Atilaantaa Joorjiyaas, Waashingitan Diisii, Meerilaandiifi Niiwu Yorkifaas qiddaaseefi tajaajoota adda addaa kennaan ture.

**Bariisaa:** Har’i ayyaana cuuphaatii Bataskaanni Kaatolikii Itoophiyaa haala kamiin kabajji, waa’ee icciti Cuuphaas nutt himaamee?

**Abbaa Daani’eel:** Hunda dura hiika Cuuphaa ilaaluu barbaachisa. Bataskaana keenyatti Cuuphaan icciti guddaa of keessaa qaba. Iccitichi fayyina wajjin kan walqabatuudha. Waaqayyo erga dhala namaa uumee (Addaamiifi Hewaan jennata kaa’ee) booda isaan balleessa raawwatanii jennataa ari’amu.

Erga ari’amanii booda cubbuu ykn balleessaansaanii dhala namaa hunda bira qaqqabe. Cubbuun ammoo kan haqamu icciti Cuuphaa keessa jiru qofaani. Gooftaan Keenya Yesuus Kiristoosis laga Yordaanos bu’ee cuuphamaa ture. Kun Gooftaan Yesuus Kiristoota cubbamaadha jechuu miti.

Oggaa icciti Cuuphaa ilaallu bishaan matumasaatiin xurii irra keessaa kan qulqulleessuudha. Qaama keenya ittiin qulqulleeffanna, uffatas ni miiccanna. Hafuura cubbuudhaan xuraa’erraa kan nu qulqulleessuudha jechuudha. Egaa akka amantii keenyaatti dhalli namaa yoo hincuuphamne mana Waaqayyoo galuu hindanda’u.

Iccitiin Cuuphaa Laga Yordaanos wajjinis kan walqabateedha. Kunis yeroo sabni Israa’el gabrummaa Misir jalaa bilisa ba’etti karaa deema turetti gabrummaa jalaa bilisa kan ba’an erga Laga Yordaanos ce’ee booda.

Kanaaf Gooftaan Keenya Yesuus Kiristoos yeroo Laga Yordaanositti cuuphametti bishaan addunyaa eebbifameera jechuudha. Tokko tokkoon lagaa, garbaa, galaanaa hundi waan miilli qulqulluun Gooftaa Keenya Yesuus Kiristoosiin seeneef qulqullaa’aniiru. Kun iccitiwwan Cuuphaa kan agarsiisuudha. Fayyinaaf Cuuphamuun daran barbaachisaadha.

**Bariisaa:** Ergaan ijoo Cuuphaa maalinni, akkamittis ibsama?

**Abbaa Daani’eel:** Akka ijootti oggaa



cuuphaa jennu akka dubbii hafuuraatti karaa xurii cubbuurraa ittiin qulqulloofnuudha. Fakkeenyaaf oggaa qaama keenya dhiqannu nutti tola. Miira addaatu nutti dhaga’ama. Akkasumas iccitiin hafuura Cuuphaa dhugaatti lubbuu keenya akkuma irri qaama keenyaa dhiqamu eenyummaan keessoo keenyaa icciti cuuphaatiin cubbuun raawwanne ni qulqullaa’a. Cubbuun Cuuphaa kana jalaa miliqu hinjiru. Cubbuun kamuu ni haqama jechuudha. Kanaafi, lubbuun keenya akka daa’ima reefu dhalatee kan taatuuf.

Namni oggaa carraa argatee cuuphamu jireenyaa haaraatti ce’a. Karaa itti dukkana keessaa gara ifaatti ceenudha. Lubbuu keenya xuraa’erraa gara qulqulluutti ceena jechuudha; icciti ykn dhoksaan cuuphaa keessa jira. Akkasumas ijoollee Waaqayyo nu taasisa.

Hiika kanaas kan argannu gooftaan keenya Yesuus Kiristoos erga laga Yordaanositti cuuphamee booda bifa bullaallaa (makoditiin) mucaan koo jaaladhu kana jedhee Waaqayyo sagalee dhageessisa. Yeroo hundi keenya cuuphamnu ammoo sagaleen ‘mucaa koo si jaaladhu’, jedhu nidhaga’ama jechuudha. Haaraa taana. Obbolaa taana.

**Bariisaa:** Erga akkana ta’ee bataskaanni Kaatolikii ayyaana Cuuphaa kana akkamitti kabajji? Dhaabbileen amantii kiristaanaa tokko tokko duudhaalee aadaa wajjin, akkasumas addababa’iiwwan faayawwan adda

addaatiin miidhagsuudhaan waan kabajaniif jechuu kooti.

**Abbaa Daani’eel:** Cuuphaan ayyaanota guguddoo bataskaanni keenya kabajju keessaa tokko. Ayyaana erga Qilleen kabajamee dhufuudha. Nuti dhoksa cuuphaa kana kan kabajnu faarfanna, lallaba, hunda caalaa qiddaaseedhaani. Bataskaanatti hunda dura qiddaaseef dursi nikenna. luqisiwwan ykn sagaleen Waaqayyoo achirratti dubbifaman hundi ayyaana Cuuphaatiin kan walqabataniidha.

Lallabnis akkasuma. Booda naannawa bataskaana keenyaas ninaannofna. Faarfannaawwan cuuphaadhaan walqabatanis nifaarfatamu. Iddoo tokko tokkotti haalli taabota qabannee laga ittibuunus jira. Taabota keessa qubachiisuuf qarqara lagaati godoowwan nihojjetamu.

Taabonni waaree booda (jala bultii) bahee achi bula. Ganama bariidhaan dhaqamee lagichi kaahinii (dura bu’aa amantiitiin) eebbifama. Kaahinichi bishaan eebbifame ummatattis facaasa. Yoo namoonni baay’atan warri cuuphaman bahaa warri kaan dhiyaatanii cuuphamu. Gara qiddaaseettis seenama.

Waaree booda faarfachaa gara bataskaanaatti deebina. Haalli kun keessumaa bataskaanota baadiyyaatti argamanitti ni raawwatama. Iddoo kaanitti aarsaan qiddaasee ni dhiyaata; dhoksa ykn iccitiin cuuphaa bal’inaan ni ibsama. Kaardinaalli, phaaphaasii,

Gara fuula 7tti



## KEESSUMMAA BARIISAA

kaahiniifaan dhimma cuuphamuu Gooftaa keenya Yesuus Kirsistosiin walqabsiisuun lallabu.

Taateen kun duudhaa aadaas of keessaa qaba. Yeroo tokko tokko of eeggannaan kan barbaachisu akka hiikkaa amantummasaa gadi hinlakkisneedha. Oggaa aadaan walittidhufu dhawaataan hiika hafuuraamaasaa gadilakkisee namni callisee gara sirbaatti geessa.

Innis gaarii ta'ee garuu hiikaasaa jalqabaa akka hindhabneef of eegganna cimax gochuufi hubachiisuu barbaachisa. Fakkeenyaaf oggaa ummanni walitti qabamu akkuma sanaan akka sirbi hineegalamne gochuu barbaachisa. Namoonni ayyaanichaaf bahan hundi ergaa cuuphaatiif dursaafi xiyyeeffannoo kennuu qabu.

Iccitiin cuuphaa walitti nu hidheera, tokko nu taasiseera. Waljaalachuu, walitti dhiyaachuu barbaachisa. Hiiknisaa hafuuraas kana. Ta'uu baannaan waldhaga'uutu bada. Hundi keenya cuuphaadhaan waan ilmaan Waaqayyo taaneef icciti achi keessa jiru dagachuu hinqabnu. Ijoolleen maatii tokkoo ammoo walii yaaduufi waljaalachuu qabu; ergaan ijoon cuuphaas kana waan ta'eef.

**Bariisaa: Iddoowwan tokko tokkotti waa'ee hafuuraarra addababa'ii miidhagsuufatu bal'inaan mul'ata. Kun dagannaa irranatti kaastan akka hinhordofsiisneefi duudhaasaa ganamaa akka gadi hinlakkisneef maaltu ta'uu qaba jettu?**

**Abbaa Daani'eel:** Waantonni addababa'iitti fannisuufi kkf hundi hiikkaa cuuphaa wajjin kan deemu ta'uu qaba. Wantonni fannisu duudhaa ayyaanaarraa kan fagaate akka hintaaneef sirriitti of eeggachuu qabna. Lagni kofalchiisaa nama fudhata jedhama. Kanaaf, namatti tola, nimiidhaga jennee oggaa waan ergaa ayyaanicha wajjin hindeemnu ittidadallu hiikkaa hafuuraasaa dhaba. Kun akka hintaaneef ammoo abbootiin amantii irra naanna'ani ilaaluudhaan wanti sirrii hintaane akka sirratu gochuu qabu. Wanti taasifamu kamuu miiraan kaka'amee akka hinraawwatamne gochuu barbaachisa. Haalli kun akka nu harkaa hinbaane gochuu qabna. Yoo hinhordofne garuu nu harkaa baha.

Dhugaa dubbachuuf qabxii gaarii kaaste. Yeroon Ameerikaa turetti ayyaana Qillee adeemsa keessa gara biznisiifi beeksisaatti jijjiiraniiru. Gabaa meeshaaleen ittidadalaman taasisaniiru. Waantota cululuqoo wajjin muuziqaafaa gurguraa turan.

Booda namni waa'ee Qillee yaaduu dhiisee waa'ee bittaafi gurgurtaarratti xiyyeeffate, suuqii kamiin kana bita jechuutti ce'e. Qilleen hiikaasaa hafuuraa gadilakkise. Kanaaf nuti hanga dandeenyetti waantotuma ayyaanicha wajjin deeman faarfannaa, shubbisa hafuuraa raawwachu qabna. Oggaa gara taabonni bulu deemnus oggaa shubbisuufi dibbee rukunnullee of eeggachuu qabna. Cuuphaa hunda dursinee xurii keessoo keenya turerraa bilisa ittitaanu jechuudha.

Sababiinsaas namni cubbuufi gabrummaa keessa jiru cuuphaadhaan qulqullaa'a. Israa'eloonni erga Laga Yordaanis ce'anii booda bilisa ta'ani; oggaa gara dachee abdiitti imalan jechuudha. Karaa biraatiin hiikni Yordaanos mallattoo bilisummaa jechuudha.

Erga sana ce'anii booda. Nutis cuuphaadhaan



gabrummaa cubbuu jalaa bilisa baaneerra. Oggaa kana goonu ijjisaa nimul'ata. Yoo ta'uu baate waldhiibuutu dhufa. Garuu hiikkaa hafuuraarraa hinfagaanne waliyaaduun, waljaalachuun nidhufa.

Amma kan biraa haa hafuu tokko isa kaan hinbuqqisu. Ijoollee Waaqayyoo taaneerra kaa. Yoo hundeessaarraa fagaachaa deemne garuu gaarii hinta'u. Kanaaf yeroo ayyaanota akkanaa hiika hafuuraasaatiif xiyyeeffannaa kennuu qabna. Wantonni cululuqoon akka nu hinmooksine of eeggachuu qabna. Diikroshiniin garmalee baay'achuu hinqabu.

**Bariisaa: Dhaloonni kun akka hundee amantii hordofuu gadi hinlakkifneefi naamusaan ga'oomee akka qaramuuf keessumaa dhaabbileefi abbootii amantiirraa maaltu eegama?**

**Abbaa Daani'eel:** Gaaffii gaariidha. Amma kan gochuu qabnu hojiiilee gabbisa hubannoo ayyaanota dura hojjechuutu nurraa eegama. Yeroo akkanaatti cuuphaa kabajuufi, jennee dursinee qophaa'uu qabna. Namnis gara mana amantiisaa dhaquu qaba.

Kun hiika hafuuraa ayyaanichaa irradeebiiin akka hubatuuf isa gargaara. Amantoota sirriitti hubachiisuu barbaachisa. Oggaa ayyaanicha kabajuuf gara dirreetti baatan akkuma Yesuus Kiristoos yeroo lafa kanarra turetti yeroo hunda ulfina abbaasaa calaqqisiise, isinis amantoonni ykn miseensonni warra amantii bataskaanichaa ibsitiidha.

Kunis kan ta'u sirbaan, daldalawwan adda adda raawwachuun miti. Sababiinsaas warri dhoksaan cuuphaa hingalleef waa

hubachuuf waan isin eeganiif. Amantoonni kitaaba dubbifamu ta'uu qabu jedhanii dhaabbileen amantii hordoftootasaanii hubachiisuu qabu. Yoo kun ta'e warra sararraa goranii waan hinamalle raawwatan karaatti deebisuun ni danda'ama. Hanguma hunduu hubachaa deemuun kaahinniillee ta'uu baatan barsiisaa jalqabaa ta'u.

Biyya amantoonni miiliyootaan lakkaa'aman jiranitti waa'ee waraanaa dhaga'uu hinqabnu. Garajabeenyis baay'achuu hinqabu. Gochoota akkanaatti leeyya'uu qabna. Kanneen icciti cuuphaa hinbeekneefi amantii hinqabnellee oggaa waliyaadan, walitti dhiyaatan agarra. Haalli amma argaa jirru kan nama qaansu mitii? Nu ga'a hinjennuu? Gara bu'uuraatti deebi'ee hiikkaa hafuuraa cimsinee qabachuu qabna.

Abbootiin amantii ammoo osoo abdi hinkutiin cichanii hojjechuu qabu. Fakkeenyaaf Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos otoo abdi hinkutatiin irra deddeebiin barsiisaa ture. Booda sirriitti galeef; hanga lubbuusaanii kennaniifitti. Dhaabbileen amantii hordoftootasaanii sirriitti qabachuu qabu. Waanti guddaan hiika hafuuraarratti xiyyeeffachuudha, inni kaan irraa hafaadha. Wanti irraa hafaan ammoo akka irraa hafummasaatti ilaalamuu qaba malee kan bu'uurasaa dhiisu ta'uu qabu. Kan hiikasaa jijjiirsisu ta'uun irra hinjiraatu.

**Bariisaa: Bataskaanni Kaatolikii waantota cululuqoo irranatti ibsitanirra hojiiilee sagalee dhokfatee hojii hafuuraa akka hojjetuudha kan himamuuf.**

**Dhaabbileen amantii kuun muuxannoo kana akkamitti ilaalu?**

**Abbaa Daani'eel:** Dhugaadha. Akkuma irranatti jedhe tokko tokkoon hordoftoota kaatolikii naamusa kana ni beeku. Erga gara bataskaanaa dhufanii booda sirna barbaachisu raawwatu. Kadhannaan ni adeemsifama. Achii qiddaaseetu eegalama. Oggaa eegalan ummanni callisee dhaggeeffata. Barnoonni kennamu, lallabni lallabanu hundi dhimma Cuuphaarratti kan xiyyeeffateedha.

Dhoksaa Cuuphaa keessa jiru garraamummaa malee yaaduu hindandeenyu. Bishaan Waaqayyo uume keessa seenameeti kan cuuphamu. Uumama uume harkatti cuuphames. Cuuphaa Yohaannis harkatti cuuphame. Garraamummaadhaan gadi of qabee jechuudha. Kanaaf bataskaana Kaatolikiitti garraamummaarratti xiyyeeffatame, gadi of qabne, oftuummaan hinbarbaachisu. Eenyummaa garraamummaan ni barbaachisa jettee barsiisti kaatolikiin. Barumsi haala kanaan kennama.

Qiddaasee booda bidiruun bishaanii ni qophaa'a. Kadhannaan addaa taasifamee erga eebbifamee booda namni hundi bishaan qophaa'e ittifaacaafama. Kaatolikiin akkuma jedhame waantota cululuqoo fi wajjajjiratti hinxiyyeeffatu; hinjajjabeessitu. Inni biraa namoota rakkatan hunda gargaaruun akka barbaachisuu barsiisti, nama amantii kamuu hordofu jechuudha.

Dhala namaa gargaarsi maluuf kamuu utubamuu akka qabu ni barsiisti. Kan gargaarrus otoo namuu nu hinargiin gadi of qabnee dhoksaadhaani. Haaluma Gooftaa Yesuus raawwateen jechuudha. Biyya alaattis haaluma kanaan bishaan bidiruutti guutamee namootatti faacaafama.

**Bariisaa: Keessumaa waggoota muraasaa as ayyaanonni addababa'iitti kabajaman madda yaaddoo ta'aa jiruutii kun akkamiin sirrachuu qaba jettu; akka namoonni ayyaanicha gammadanii kabajatanii deebii'aniif?**

**Abbaa Daani'eel:** Dhugaadha. Bakkan ittidadaladhe, naannawa Shaashamanneetti mammaaksi tokko jira. Jaarsoliin wayii otoo waliin deema jirani laga tokko bira qaqqabu. Lagni amalumsaatiin bakka dhagaan jirutti sagalee dhageessisa. Oggaa bakka caljedhe ga'an sochiin ni jira. Ahaa, bishaan laga kanaa akkami, sochiin kamuu mul'achuun irra hinturre jedhanii dhaabatani ilaalu. Jaarsolii keessaa tokko, "Wanti bishaan kana sochoosumee waan keessasaa jiruudha malee akka barametti bishaan kun caljedhee yaa'uu qabaayyu, bakka wanti isa sochoosu hinjirretti jedhee deebiseef jedhama.

Fakkeenyaaf ayyaanonni addababa'ii kan yaaddoo nutti ta'aniif hunduu adeemsa ofii qabu. Namoonnis baay'inaan irratti hirmaata; haaluma naamusa qabuun deemu. Garuu ni sodaanna. Kan biraa hammuma hiika ykn duudhaa ayyaanota addababa'iirraa fagaachaa deemnu (Irreechaas ta'e Cuuphaa) duudhaasaniin ganamaatiin abboomamu dhiisnee olaantummaa keenya kanirratti calaqqisiisuutu uuma.

Amma baay'anneerra jennee akka waan warri kaan nuu gadi ta'aniitti fudhannee yeroo tokko tokko akka doorsisaatti fudhachuun ni jira. Garuu duudhaan ganamaa akkanatti



# KEESSUMMAA BARIISAA

hinbarsiisu, kan Irreechaas ta'e cuuphaa jechuudha. Garuu sodaan, shakkiin keessa keenya jiru ni mul'ata.

Waan kanaan dura ittiin miidhamne jennu yeroo akkasii calaqqisiisuu yaalla. Namoonni Tiishartii fa'iratti ergaa hinmalle bocanii ykn barreessanii uffachuun waan yaadan calaqqisiifachuu yaalu. Kun dhugaadhummatti barsiisa dhaabbilee amantiitiin ala kan raawwatamuudha. Kanaanis olaantummaasaanii agarsiifachuu yaalu.

Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos gadi of qabee garraamummaasaa agarsiise. Barruu uumama ofii uumeen cuuphamee garraamummaa kan barsiisuuf. Gooftaa Yesuusiiif cuuphaan hinbarbaachisu ture. Kanaafuu waa'ee humnaa Waaqa Uumaa guddichaaf dhiisuudha. Hammuma fedhe lakkoofsi keenya baay'ateef waan ayyaanicha wajjin hindeemne raawwachuu hinqabnu.

Hammuma ayyaanonni addababa'ii dhufu maaliif yaaddofna? Kanarra nu ga'a jechuu qabna. Walutubuu qabna. Yeroo ayyaanota Musliimaa bakka ayyaanicha ittikabajamu Kiristaanonni bahanii qulqulleessuun hiika guddaa qaba. Yeroo kan Kiristaanaas akkasuma jechuudha. Hojjiilee gaarii akkanaa babal'isuudha malee tokko isa kaaniif yaaddoo ta'uu hinqabu. Namni bakka Uumaa qabachuuf yaaluu hinqabu.

Waantonni ta'aa jiran baay'ee nama dingu mee. Yeroo tokko tokko otoo hinbeekiin iddoo Uumaa fudhachuuf yaalla. Gocha koo qofatu sirriidha jechuunis jira. Isa Uumaadhaaf haa dhiisnu. Hundi keenya mee dhumarratti fuuldurasaatti dhiyaannaa. Jecha dhuma wanti jedhamu jira.

Fakkeenyaaf, waajjiraalee dhaabbilee amantiitiin alajiranittillee jecha geggeessaan hojii waajjirichaa fayyadamutti isuma malee namni biraa fayyadamuu hindanda'u. Hojiirraa kan geggeeffamu oggaa inni mallatteessuudha. Warri isa wajjin jiran kana gochuu hindanda'an. Kan Uumaa Uumaadhaaf dhiisuutu barbaachisa.

Yoo isaaf dhiisne garraamota taana, jechi kun kan koo otoo hintaane kan Uumaati jenna. Hundi keenya araarsaatiin malee oftuulummaa keenyaani miti kan deddeebi'uu qabnu. Namni waan garaa keessaa waan hinbeekneef eexoo ittindhuga jedhama. Nama biraatti murteessuu hinqabnu. Isuma beeknullee jilbeeffannee, boonyee araarsaatti amanee malee yoo karaa kanarra deemte, gorte malee jechuu hinqabnu.

Gaaffichi gaaffii gaariidhaa ayyaanonni addababa'iitti kabajaman kamuu duudhaaleesaa ganamaatti deebi'uu qabu. Duudhaalee sabootaa keessaa akka hubannutti dur oggaa waraanaafillee deeman qophii addaatu taasifama. Ajjeesuu qofa miti du'u danda'a jedhamee qophiin duraa taasifama. Warri biyya lafaallee haala kanaan qophii taasisu.

Ayyaanonni addababa'ii madda yaaddoo ta'uura kan walta'iinsaa, waliyaaduu, walittidhiyaachuun irraa calaqqisu ta'uu qabu. Kan aadaaleefi duudhaalee uffannaafi kkf hawwiidhaan irraa baratamu ta'uu qaba. Kanaafis akkuma jedhame qophiin duraa sirriitti taasifamuu qaba. Tokko isa kaaniif madda yaaddoo ta'uu hinqabu. Biyyi waliinii tokkittii Waaqayyo nuu kenne eeggachuu qabna.

**Bariisaa: Bataskaanni Kaatolikii afaanota, duudhaaleefi aadaa sabootaatiif hammam beekamtii iddoo kenniti? Fakkeenyaaf gama hawaasni akka afaansaatiin waaqeffatu gochuutiin fa'iin.**

**Abbaa Daani'eel:** Dhugaa dubbachuuf gaaffii daran namatti toluudha. Batskaanni Kaatolikii jecha tokko qabna kan 'inkaalchuleeshin' jedhamu. Inkaalchuleeshin jechuun bataskaanni oggaa aadaa kamuu keessa seentu aadicha ni ilaalti. Afaanirraa kaasee akkamiin wangeelli akka achitti galurrattis ni hojjetti. Kaahinoonniifi phaaphaasonni achi deeman dursanii afaan sabichaa baratu. Baratani isumaan lallabu, ittiin qaddasu. Hojiin hiikaas ni geggeeffama. Qiddaaseen, faarfannaaniifi barumsi afaanuma sabootaatiin geggeeffama. Ambaasaaddaroota biyyoota adda addaa Finfinneetti argamaniifis tajaajilli afaanota gara garaatiin kennama. Gochoota barsiifataa dhala namaarraan miidhaan hingenyeen ala bataskaanni keenya afaan, aadaafi duudhaa sabootaafi ummatootaatiif beekamtii ni kenniti, ni barsiistis.

**Bariisaa: Naamusni laafee bakkatti akka deebi'uuf keessummaa dhaabbileen amanti xiyyeeffanna akkamiitiin hojjechuu qabu?**

**Abbaa Daani'eel:** Bakka Waaqeffannaatti gochi hamaan kamuu raawwatamuu hinqabu. Gocha mitii jechi cimaanuu gonkumaa dhaga'amu hinqabu. Fakkeenyaaf nuti kan barsiisnu maatii keessatti abbaafi haati yoo walitti aaran erga ijoollee raffisanii booda haala sagaleensaani hindhaga'amneen akka mari'ataniidha.

Sababiinsaas ijoolleen egeree akka akkas hintaaneef, iddoo waaqeffanna ummanni walittiqabametti dhiisii akka sirna Kaatolikiiti kaahinii ykn phaaphaasiin kamuu waa'ee amanti biraa hinkaasu, waa hinjedhu. Mana barnootaa keenya keessa hordoftoota amantiilee adda addaatu jira. Amantii hingaafannu. Ijoollee Itoophiyaa qofa jennee simanna. Bakka lallabaattis ta'e manneen barnootaatti mallattoo jibbiinsa agarsiisu calaqqisuun gonkumaa hindanda'amu.

Ammaan tana akka biyyaatti rakkoolee adda addaatiif waan saaxilamneef barnoonni naamusaa sirnaan kennamuu qaba. Warris ijoollee ofii sirriitti hordofanii guddisuu qabu. Gama kanaan abbaan amanti tokko attamatti bakka namoonni walittiqabamanitti waa'ee jibbiinsaa lallaba?

Kan nama gaddisiisu ilaalcha jedhamaa turan. Inni kana dhaga'e maaliif qawwee qabatee hinkaaneree? Jibba lallabaa akkamitti nagaan yaadama? Kanaafi, mee ammaan tana gidiraa argaa kan jirruuf. Gochi akka yeroo darbe phaaphaasiin amanti biraa tokkoon raawwatamee kaatolikii biratti tasumaa hin yaadamu. Of jajuuf mitii waanti akkanaa gonkumaa eessumattuu hin yaadamu.

Joon Pool 2ffaan yeroo tokko maal jedhan seete? Kooluugaltoota lamatu asii ka'anii Xaaliyaanii seenan. Manni haa kennamuuf, homtuu ittihanqatiin, jedhanii ajaja kennan. Jarri sun erga baratani booda Ameerikaatti ce'an. Yeroo isaan du'an ni boo'an. Maali jennaan isaan abbaa keenya jedhan. Amantiisaaniis akka jalaa hintuqne jedhanii turan. Kana jaratu booda dubbate. Kooluugaltotarratti akka hammeenyi

hinraawwatamne ajajan. Kun yeroo isaan du'an kan dhugaa ba'ameedha.

Wanti abbootiin amanti jedhan ni fudhatama. Hundi keenya lammii biyya tokkoo waan taaneef daafaansaa hunda keenyaaf ta'a. Hama dandeenyetti barsiisa keenya ilaaluu qabna. Ittigaafatamummaa fudhachuunis gaariidha. Ana kan muude bataskaana.

Yoon waa balleesse akkuma sana tajaajila koorraa na kaasu; kun barsiisa amanti keenyaa miti jedhamee. Caasaa sirriin jiraachuu qaba. Sirni gaafatamummaas jiraachuu qaba. Lallabni keenya maal akka fakkaatu duubatti deebinee ilaaltee sirreessuu barbaachisa.

Hunduu haala itti dargaggoota barsiisaa jirrurratti of ilaaluu qabna. Akka durii dargaggoon gara bataskaanaa akka dhufu eeguu qofa otoo hintaane karaa miidiyaas barsiisuu qabna, har'a dargaggoonni waan miidiyaarraafi teknoloojii wajjin oolaniif.

Yeroo wajjin deemuutu barbaachisa. Barumsi kenninus kan dargaggoota hawwatuufi madaalu ta'uu qaba. Lallaba dheeraa otoo hintaane gabaabaa dhiyeessuu qabna, akka namoonni hinnuffineef. Keessumaa dargaggoota qeequurra ittidiyaatanii barsiisuurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu qaba.

**Bariisaa: Waan phaaphaasiin tokko tibbana jedhan oggaa dhaggeessan maaltu isinitti dhaga'ame? Namni kun dura bu'aa biyyaa qofa otoo hintaane ummata bal'aafi Raayyaa Ittisaa fa'is arrabsaniiruutii miira isinitti dhaga'ame nuu qoodaamee?**

**Abbaa Daani'eel:** Ani oggaan waan jedhame dhaga'u baay'een gadde. Sababiinsaas bataskaana keenya keessas phaaphaasonni, kaardinaalonni, kaahinoonniifi diyaaqonoonni jiru. Bataskaana Ortodoksii keessas phaaphaasiin, diyaaqoniin... jiru. Dhugaa dubbachuuf namni kun addababa'iirra dhaabatanii oggaa akkana jedhan jechasaanii qofa miti kan na gaddisiise.

Kaahinoonni bitaa mirgasaanii taa'an, ummanni haala sanaa taa'ee isaan dhaggeeffachaa ture hundi na gaddisiiseera. Akka dhalataa Oromoo tokkoottis baay'een gadde. Namni kun ummata Oromoos tuqaniiru. Namni kun waantota baay'ee tuttuqan. Dhimma dhaabbata amanti biraarratti gadifageenyaan dubbachuun nama rakkisus akka lammii Itoophiyaa tokkootti keessumaa akka kaahiniitti guddiseen gadde.

Phaaphaasiin ergaa sana dabarsan haala biyya keenyaa hubachuu dhabuunsaaniis na gaddisiiseera. Akka isaan jedhan otoo dura bu'aa biyyaarra waa ga'ee biyyi tun akkam akka taatu xiqqumallee hintilmaamne. Ergaansaani hamma jibbiinsaas kan agarsiisuudha. Dura bu'aa ofiiratti jibbiinsa hamma kanaa moo?

Dhimmichi akka hogganaa amanti tokkootti na qaaneseera, na gaddisiiseeras. Dogoggorri nama tokkoo balaa akkamii akka nutti fidu hubachuu qabuuyyu. Ayyaanni kun nagaadhaan akka kabajamuuf hawwiifi kadhaa kooti. Isaan kaahinii bataskaana tokkoo otoo hintaane phaaphaasiidha, nama addunyaarra naanna'anii tajaajilaniidha.

Biyya keessattis ittigaafatamaa gadaamota waliigalaatisi. Gocha akkanaa keessaa akka baanuuf Waaqayyo nu haa gargaaru. Bataskaanittiinis dhimma kana sirriitti

ilaaluu qabdi. Hoggantoonni biyya keenyaas dhimmicha tasgabbiidhaan ilaaluu qabu. Nama kanaaf Waaqayyo ifasaa haa banuuf.

Akka Oromoo tokkoottii abaaramus isaaniif kadhachuun barbaada, akka jibbiinsa hamaa keessaa bahaniif. Ani isaan ifachuurra kadhachuufii naa wayya. Phaaphaasiidha jedhamanii jibbiinsa hamaa kanaa keessa galuu hinqabaniyyu. Summii salphaa miti kan isaan facaasan. Garaan koo baay'ee ittinahe. Nan gaddeefis; waan haala kanaan gadibu'aniif. Phaaphaasiin haala kanaan jibbiinsa lallaba taanaan akkamiin nageenyi hawwinu dhugoomaree? Miira kana kan natti dhaga'ame.

**Bariisaa: Rakkoolee irrannatti kaafne fa'iif mariin biyyaalessaa akka furmaataatti fudhatamee irratti hojjetamaa jiraatii isin akka abbaa amanti tokkootti kanarraa abdii akkamii qabdu?**

**Abbaa Daani'eel:** Ani Komishinii Marii Biyyaalessaarraa abdii guddaan qaba. Yeroo filannoo marsaa jalqabaa karaa bataskaana keenyaa carraa argadhee keessatti hirmaachaan ture. Gama kanaan Abbaa Luqaas yeroo kanatti ergaa sana dabarsuunsaani nama naasisa. Komishinari olaanaa nama daran bilchaataadha. Nan jaaladha, kabajas. Hunduu yoo sirnaan irratti hirmaate biyya keenyaaf nageenya waraa ni argamsiisa jedheen abdadha. Hundi keenyas waan nurraa eegamu gumaachuu qabna.

**Bariisaa: Waliigaltee ulaa galaanaa biyyi keenya dhiyeenya Somaaliilaandi wajjin mallatteessiterratti hoo maal jettu?**

**Abbaa Daani'eel:** Kun waan nama gammachiisu qofa miti. Qaamoleen waliigaltee kana morman na dingu. Itoophiyaaf ulaan galaanaa ni barbaachisa. Biyyi ummata miliyoona 120 qabatee ulaagaa galaanaa hinqabne hinjiru. Biyyattiin utuu ulaa galaanaa hinqabaatiin ittifufuu hindandeesu.

Wanti kun sirriitti ayyaanefatamuuyyuu qaba. Kun dhimma biyyaati. Waan dhimma biyyaa ta'erratti adda addummaan jiraachuu hinqabu. Ani garba Paasifiik dhaqee daakeera. Garba Atilaantikis dhaqee argeera. Oggaan dooniiwwan guguddoofi galaana guguddaa argu biyyi koo otoo kana qabaattee jedheen hawwaa ture.

Mormuurra dafee gara hojiitti akka seenamuuf hojjetamu qaba. Akka lammiitti maaltu narraa eegama jechuu qabna. Ani gammachuu addaatu natti dhaga'ame. Akka caalaatti milkaa'uuf kadhaa kootiin nan utuba. Ministirri muumnee keenya waan kana argamsiisuusaaniitti baay'een gammade. Hundi keenya dhimma kana utubuu qabna. Dhimma faayidaafi birmadummaa biyyaalessaafi kaan addaan ba'anii beekuunis barbaachisaadha. Ulaa galaanaa biraas akka nu barbaachisu hubachuu qabna.

**Bariisaa: Dhumarratti yoo ergaa qabaattan?**

**Abbaa Daani'eel:** Baga ayyaana Cuuphaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin nagaan isin gahe. Oggaan ayyaana kabajnu garraamummaa Yesuus Kiristoos akkan hindaganne imaanaan jedha. Nageenya waraa biyya keenyaatiin hundi keenya haa hojjenu, haa kadhannu. Ayyaanicha calluma jennee nyaataafi dhugaatiidhaan dabarsuu hinqabnu. Akkuma cuuphaadhaan uumama haaraa taanu sammuu keenyas jibbarraa bilisa gochuu qabna. Waraana haa jibbinu, walii haa yaadnu.



# Qarreefi Qeerroo

## “Alaabaan keenya Kiristoosi, isaaf hojjenna afaanuma beeknuun isa waaqeffanna”

- *Hangafa Faarfattoota Diyaqoon Firaanol Moosisaa*

### Waasihun Takileetiin

“Wayyaan cuuphaaf hintaane haaccitu” jedhama, guyyichi guyyaa hafuuraan lammata dhalachuu, guyya qulqullaa’uu yoo ta’u, keessumattuu qeerroofi qarreef gama hafuuraanis ta’e aadaan guyyaa addaa nama bultiif ta’u itti kaadhimmatan waan ta’eef qopha’ummaan ayyaanichaaf gama dargaggootaan jiru daran olaanaadha.

Ayyaanni cuuphaa hordoftoota amantiin Ortodoksii biratti wagga waggaan bifa ho’aa ta’een kan kabajamu yoo ta’u, keessumattuu Itoophiyaa keessatti duudhaaleen kabaja ayyaanichaafi sirnoonni dargaggootaan raawwataman addunyaa kaanirraa adda isa taasisu.

Cuuphaan lammata dhalachuun kan walqabatu karaa hafuurawaas ta’e aadaan wagga waggaan kan kabajamu keessumattuu dargaggootaaf immoo hiika guddaa kan qabudha jedha Hangafni Faarfattoota Diyaqoon Firaanol Moosisaa turtii Gaazexaa Bariisaa waliin taasisen.

Guyyichi guyyaa eebbifamaadha, hunduu bahee cuuphama, keessumattuu akka Itoophiyatti yoo ilaalle sirnoonni gara garaa ayyaanicharratti gaggeeffaman simboo addaa kan qabaniidha.

Dargaggummaan yeroo itti uumaa ofii yaadataniifi hafuuraan cimani argaman yoo ta’u, gama aadaanis ayyanicharratti sirni walkaadhimmannaa Qeerroofi Qarreef niggaggeeffama. Gama sagalee waaqayyoonis yoo ilaalle bakka namoonni baay’ee itti wal arganidha.

Kanarraa kan ka’e “Haadha manaa gabaa baay’ee keessaa ilaali fuudhi” waan jedhuuf ayyaanichi dargaggootaaf ayyaana guddaa kan bu’uurri utubaa maatii itti hundaa’u waan ta’eef hawwii guddaan kan eegamu si’aayinaan ayyaana ayyaanefatamudha.

Kanamalees ayyanicharratti dargaggoonni daandii qulqulleessaa afataan miidhagsaa gabatee kakuu gara bakka qubannaatti gaggeessu, afaan beektan hundaan wangeela lallabaa akkuma jedhamu dargaggoonni keenyas afaansaaniin faarfachaa uumaasaanii galateeffachaa ayyaanicha dhandhaamu.

Aamantiifi aadaan walitti hidhaminsa qabu kanarraa kan ka’e dargaggoonni weedduu waaqaan ayyaanicha dabalaa kaadhimaa bultiif taatus yeroo itti filatan waan ta’eef dargaggoota biratti ayyaana kabajamaafi bakka guddaa qabudha jedha Hangafni Faarfattoota kun.

Akka ibsasaatti, bakka dhalootasaa Wallagga Lixaatti wayita ayyaana cuuphaa faarfannaa hafuuraan alatti dargaggoonni bifa aadaanis kabajamaafi lellisa waaqayyoof qaban “Falaxaa ya shookkisiif hingalla ya Goorgisii yeroon geesse yaa abbaatee nu eebbisi” jedhanii faarfachaa Waaqayyoof

ulfina kennuudha.

Kanarra darbee amantii ofii afaan ofiin gaggeessuun karaa hafuura babal’ina wangeelaaf, gama aadaan guddina afaanii, aadaa, duudhaafi kanneen biroo keessatti shoor olaanaa kan taphatu waan ta’eef salphaatti hinlaalamu, isa kanaafimmoo itti gaafatamummaa guddaa kan qaban dargaggootadha.

Kiristoos bartootasaa gaafa gara namaatti erge gara handaara lafaa hunda deemaa mootummaa Waaqayyoos lallabaa jedhe, wangeela afaan hundaan waliin gahuun seera uumaati. Seera uumaa kana haquunis ta’e faallessuun hindanda’amu kanaafuu dhaloonni afaan beekan hundaan waaqeffachuun galateeffachuun murteessaadha. Kanarraa kan ka’e magaalaa Finfinnee keessatti dargaggoonni Oromoo dabalatee kanneen biroos afaan beekaniin uumaasaanii waaqeffatu jechuudha.

Alaabaan keenya kan nuti ayyaana kanarratti lallabnu kiristoos fayyisaa keenyadha kan jedhe Hangafni Faarfattoota kun, dargaggoonni siyaasarraa bilisa ta’anii ayyaanicha dabaluu qabu jedha.

“Namni waa of harkaa qabu miira keessa hingalu” kanaaf ayyaanichi kan keenya waan ta’eef naasuufi ilaalcha biraarra bilisa ta’uun keessumattuu dargaggoonni keenya naamusa kiristaanummaan dhaabachuun nageenya waloosaanii eeggachaa ayyaanefachuu akka qaban dhaameera.

Afaan ofiin faarfachuun wangeelatu ajaja mirgadhas kanaaf ilaalcha dullooma yeroon itti darbeen sirna hafuurawaafi siyaasaa walmakuuf yaaliin taasifamu gama amantiinis aadaanis fudhatama waan hinqabneef hafuuraan guutamnee hafuuraan ijaaramnee miidhagnee baanee galuun barbaachisaadha. Akka magaalaa Finfinneetti fudhannee yoo ilaalle afaan Oromoon faarfachuu mitiitii magaalitii keessatti odeessuunuu saalfatamaa ture sun hundi seenaa ta’ee darbeera.

Wanjoo salphinaa dhalachuu gooftaa Yesuusiin cabeera bilisa baaneerra afaan keenyaan faarfachuun hanga handaara lafaatti deemnee wangeela lallabuun mirga uumaan nuuf kenne kan seeranis deggaramu waan ta’eef saalfiin nurra ture cabeera, uffata aadaan miidhagnee waloon baanee ayyaanessaa jirra ammas bifa addaan itti qophoofneerra jedheera.

Ilaalchi finxaalessummaa ‘namalee’ jedhu karaa hafuuraas karaa seeraas fudhatamummaa kan hinqabne waan ta’eef ayyaanichi miidhagee eegalamee miidhagee xumuramee nagaafi eebbaan akka goolabamuuf dargaggoonni itti gaafatamummaa isanirraa barbaadamu bahachuu, seera kabajaniin kabachiisuun isaanirraa eegama.

Walumaagalatti ayyaanichi ayyaana sadarkaa addunyaatti kabajamu waan ta’eef



hunduu бага ittiin sin gahe jechaa ayyaana biyyi keenya akkasumas addunyaan itti eebbifamu, ayyaana naga waldhabdeen keenya kan ittihiikamu, kan tokkummaa akka ta’uuf hawwii qabu ibseera.

Ayyaanni kun qalbii addunyaallee kan hawwatu hawwata turistiillee ta’ee waan jiruuf miira kiristaanummaan guutamnee ofis keessummaa keenyas gammachiisnee kan halaalaa dhufes kabajnee gaggeessuu keessatti shoorri dargaggootaa olaanaa ta’uu dagatamuu hinqabu.

Barri dargaggummaa bara uumaa ofii itti yaadatanidha, afaan aadaafi simboo kiristaanummaan guutamnee ayyaanichi karaa nagaan akka gaggeeffamuuf deggarsi barbaachisaa kanaan dura taasifamaa ture daran cimsuun miidhagina ayyaanichaa olkaasuun murteessaadha kan jedhe Hangafni Faarfattoota kun, duudhaan amantii keenyaas ta’e aadaan itti guddanne kan nama dirqisiisu ta’uulle eeree jira.

Qaamoonni ergama siyaasaa golgaa amantiin baatanii deeman dargaggoota meeshaa godhachuu kan barbaadan waan ta’eef nuyi ijoollee Kiristoos warra naga labsu waan taaneef siyaasa maqaa amantiin dhufu kamiifuu bakka laachuun sirrii miti jedha.

Uffata aadaa keenyaan miidhagnee ayyaanaa keenya dabaluuun afaan keenyaan uumaa keenya galateeffachuun ayyaana lammata dhalachuu kana kabajaan jalqabsiisuurra darbee xumursiisuu keessatti itti gaafatamummaan dargaggoota keenyarra jiru olaanaa ta’uu dagatamuu hinqabu.

Sirnootaafi ayyaanota gara garaa akka biyyaattiifi hanga caasaa gadiitti gaggeeffamu keessatti nageenyi tokkummaan waldandahuun miidhagina addaa akka inni qabu enyuufuu ifaadha, haata’uutii ayyaana eebbifamaa Cuuphaa dura keenya jiru kanas Kataraarraa kaasee hanga Cuuphaatti dargaggoonni adda durummaan humna beekumsaafi qabeenya keenya osoo hinqusatiin waardiyyaa dhaabachuun nagaan goolabuun barbaachisaadha.

Cuuphaan yeroo itti qulqullaa’anidha. Faallaa kanaammoo dargaggoota meeshaa godhachuun ergama siyaasaa dhokataa galmaan gahachuuf kanneen hojjetan kan jiran yoo ta’u, isaanis alaabaa siyaasaa mana amantii keessatti olkaasuuf kan carraaqanidha.

Manni amantiifi ayyaanonni amantii garagaraa keessatti kabajaman siyaasarraa

bilisa kanamalees, alaabaansaani Kiristoos isa dhalate isa fannifame isa du’ee du’a mo’ee ka’e ta’uu dagatamuu hinqabu.

Kun bakka ta’ee jirutti maqaa amantiin ergama siyaasaa harka dargaggootaan milkeeffachuuf yaalamu keessumattuu mana amantiifi ayyaanotasaaniirratti kan taasifamu fudhatamummaa kan hinqabne waan ta’eef kanneen fedhii siyaasaaf kaatan harkasaanii kaasuu qabu jedheera Hangafni Faraafattoota kun.

Dargaggummaan yeroo itti Waaqayyoof hojjetan hafuuraanis jabaatan kanamalees dinagdeen itti of ijaaranidha malee akka namoonni dheebuu aangoofi siyaasaaf itti fayyadamuuf yaalan miti.

Kanneen golgaa amantiin dargaggoota siyaasaaf kaasan cuuphamanii fayyuu qabu, ilmaansanii olguddatoof ilaalchaa hafuurawaa gaarummaa, waldanda’uu, walgargaaruufi tokkummaa dhaalsisuun isaanirraa eegama malee mana amantii dirree siyaasaa fakkeessuuf yaaluun naamusa mana amantii faalleessuudha.

Kana waan ta’eef dargaggoonni keenya yaada hafuura qulqulluun hogganamaa kiristoos fayyisaa biyya lafaa du’a nu oolchuuf dhalate, cuuphamee lammata akka dhalannu nugodhe kanamalees isa du’ee du’a nu oolche alaabaa godhannee afaan beeknuun isa faarfachuun barbaachisaadha.

“Hamma handaara lafaatti deema wangeelakoo labsaa jedha sagaleen Waaqayyo” kan jedhe Hangafni Faarfattoota kun, afaan hundi afaan sagaleen Waaqayyoo itti lallabamu, itti faarfatamu itti baratamu waan ta’eef nus ergama kana qabannee afaan beeknuun cuuphaa kanarratti Waaqayyoon faarsina, lallabna, Wangeela barsiisna jechuudha.

Dargaggummaa ofiitti Waaqayyoon lallabuun gaarummaa hojjechuun guddina hafuuraan akka cimnu galgala keenyaafis gaarummaa Waaqayyoo nurraa barbaadu waan ta’eef lapheen keenya bakka bultii dubbii Waaqayyooti malee kan seexanaa ta’uu hinqabu.

Finxaalessummaan biyya lafaa golgaa amantiin dargaggoota meeshaa godhachuun ergama siyaasaaf kakaasu amantaanis gama kamiinuu kan hinkeessummoofne waan ta’eef dargaggoonni ayyaana kabajamaa lammata dhalachuu kadhannaaf faarfannaan dabaltee Waaqayyoon olkaasuun dirqama wangeelli nuti laate ta’uu dagatamuu hinqabu.



## AADAIFI AARTII



Ayyaana cuuphaa waltajjii aadaan ummataa itti calaqqisu

## Duudhaafi aadaa Ayyaana Cuuphaa keessatti calaqqisan

## Natsaannat Taaddasaatiin

Itoophiyaatti Ayyaanni Cuuphaa waggaa waggaan Amajjii 11 Finfinnee dabalatee kutaalee biyyattii garagaraatti haala ho'aa kabajama. Ayyaanni kun qabiyyee amantiifi aadaa of keessaa qaba. Yeroo baay'ee aadaafi amantiin walirraa hinfagaatan; walittis hinbu'an. Barreeffamni kun qabiyyee aadaa Ayyaana Cuuphaa keessa jirurratti xiyyeeffata.

Ayyaanni Cuuphaa qabiyyee amantiin cinatti taateewwan aadaa garaagaraa raawwachuun kabajama. Taateewwan aadaa kabaja ayyaanichaan walqabatanii raawwataman ilaachisuun gaafdeebii Ittigaafatamtuu Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Shawaa Kaabaa Aade Meeroon Mokonnin Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisan akka armaan gadiitti isiniif dhiyeessineera.

Akkasaan jedhanitti, Ayyaanni Cuuphaa ayyaanota dirree irratti haala ho'aa kabajaman keessaa isa tokko. Keessumaa akka godinichaatti, ayyaanichi kan amantii qofa utuu hintaane waltajjii aadaafi duudhaan Oromoo itti calaqqisiisuudha. Dargaggoonniifi shamarran ayyaanichaan dura qophii cimaa taasisu. Guyyaa ayyaanichaa dargaggoonni goofaree filatanii

shamarran ammoo rifeensa mataa tolfatanii uffannaa haaraa bitatanii ykn kanuma duraan qaban miiccatanii ayyaanicha kabaju. Ayyaanichi waltajjii dargaggoonniifi shamarran itti wal ilaallataniifi itti walkaadhimmataniidha.

“Aadaan ‘Wadaajii’ godinichatti bal’inaan beekama. Wadaajiiin aadaa dargaggoonniifi shamarran waljaallatan itti walitti sirbaniifi ragadan akkasumas itti waldhungataniidha. Ayyaanni Cuuphaa waltajjii dargaggoonniifi shamarran itti wal ilaallataniifi ayyaanichaan booda maatiisaaniitti beeksisaniidha. Maatiinis shamarrate ilmisaanii ayyaanicharratti ilaallate akka aadaa Oromootti kaadhimmatanii fuusisu” jedhu.

Ayyaanni Cuuphaa uffannaa aadaa Oromoo beeksisuu keessattis gahee guddaa akka qabu kaasanii, guyyaa ayyaanichaa keessumaa dargaggoonniifi shamarran uffannaafi faayaawwan aadaatiin bareedanii ayyaanicharratti kan hirmaatan ta'uu dubbatu. Ayyaanicharratti namni hundinuu dursee itti qophaa'ee uffannaa haaraa akka bitatuufi kan uffannaa haaraa hinbitannes kanuma qabu miiccatee uffatee ayyaanicharratti akka hirmaatu himu. Keessumaa waggoota muraasaa as uffannaa aadaa Oromoo ayyaanicharratti daran babal'achaafi beekamaa

jiraachuufi kunis uffanni aadaa Oromoo Ayyaana uffannaa aadaa Oromoo beeksisuufi guddisuu keessattis gumaacha olaanaa taasisaa jiraachuu ibsu.

“Jala bultii ayyaanichaatti dargaggoonni rifeensa mataasaanii filatanii shamarran ammoo rifeensa mataasaanii dhahatanii uffannaafi faayaawwan aadaatiin miidhaganii ayyaanicharratti hirmaatu. Ayyaanichi waltajjii sirboonni haaraan itti dhiyaatan waan ta'eeff keessumaa dargaggootaafi shamarran biratti hawwii guddaadhaan eegama. Hundumtuu dursee qophii barbaachisu xumuree ayyaanicha miira gammachuu, jaalalaafi obbolommaatiin waan kabajuuf hariiroo hawaasaa cimsuu keessattis gahee guddaa qaba” jedhu.

Akka ibsa Aade Meeroonitti, guyyaa Ayyaana Cuuphaa farda gulufuunis aadaa godinichatti daran beekamuudha. Guluffiin fardaa taabotni erga galee booda raawwatama. Taabonni erga galee booda sirboonniifi shubbisni aadaas hanga galgalaatti taphatama. Guluffiin fardaa, sirboonniifi shubbisni aadaa kun namoota hedduun daaw'atama. Ayyaanni Cuuphaa ayyaana miira tokkummaafi obbolommaatiin kabajamu waan ta'eeff namoota hunda biratti hawwii guddaadhaan eegama. Ayyaanichi

ayyaana saboonni, sablammoonniifi ummattoonni tokkummaan waliin kabajan ta'uu himanii, kanaafuu hundumtuu duudhaa ayyaanichaa eegee miira tokkummaa, jaalalaafi obbolommaatiin kabajuun akka irraa eegamuufi nageenya ayyaanichaa eeguufi eegsisuunis gahee hundaa ta'uu hubachiisu. Nageenya ayyaanichaa mirkaneessuuf keessumaa dargaggoonni qaamolee nageenyaa waliin qindoominaan hojjechuu akka qabanis yaadachiisaniiru.

Ayyaanni Cuuphaa ayyaana ummataa dirreetti kabajamuudha. Nageenya ayyaanichaa eeguun gahee qaamolee nageenyaa qofa utuu hintaane gahee hundarraa eegamu ta'uu beekuun gumaacha eegamu taasisuu akka barbaachisu yaadachiisani, ayyaanichi duudhaasaa eegee akka kabajamuuf hundi keenya gahee nurraa eegamu bahachuu qabna jechuun Aade Meeroon dhaamsa dabarsaniiru.

Ayyaanni Cuuphaa Mootummota Gamtoomaniitti, Dhaabbata Barnoota, Saayinsiifi Aadaa (UNESCO) irratti hambaa kiliyaa addunyaa ta'ee waan galmaa'eeff duudhaa ayyaanichaa eeguufi kunuunsuun dhaloota dhufutti dabarsuun gahee hunda keenyarraa eegamuudha.

## Mee isaan haayaadannu!

Namooti na beekan kan raadiyoonii Itoophiyaa Qophii Afaan Oromoo dhaggeeffatan, yeroo nagaan nagaafatan baay'een isaanii, sagaleen “Kun Raadiyoo Itoophiyaa Qophii Afaan Oromooti” jedhu sagaleekoo itti fakkaata. Garuu sagalee keenyatu walfakkaate malee sagalee Gaazexeessaa hangafa Kiflee Jooteti.

Bara 1969 anis isa waliin Raadiyoonii Itoophiyaa Qophii Afaan Oromoo Finfinneerraa darbu keessa waliin hojjechuuf carraa argadheera.

Mee seenaa isaa walitti dhiheenya Gaazexeessaa Kiflee wajjin qaburraafi, daandii qilleensa Itoophiyaa keessa kan hojjechaa jirtu mucaasaa ishee dhumaa kan taate Aade Haannaa Kiflerra odeeffannoon walitti qabadhe muraasa isin dubbisiisa.

Magaalaa Finfinnee keessatti bara nuti Afaan Oromoo yeroo haasofnu, oftultoti akka tuuristiitti ykn akka namoota hin aroomnetti nu ilaalanitti, gaazexeessaan kun raadiyoonii irraan sagaleesaa isa

bareedaadhaan “Kun Raadiyoo Itoophiyaa Qophii Afaan Oromooti” jechuudhaan qilleensa samii Itoophiyaa irraan jamaatti Afaan Oromoo labsedha.

Gaazexeessaa Kifleen abbaa isaa Obbo Jootee Gammachuufi haadhasaa Aade Qajjisee Gammachiis Onesmoos Nasiib irraa bara 1937 kuta biyyaa Wallagaa koonyaa Gimbii durii magaalaa Najjootti dhalate. (Kan Macaafa Qulqulluu gara Afaan Oromooti hiike Onesmoos Nasiib akaakayyuu Aade Qajjiseeti.)

Kifleen yeroo umriinsaa barumsaaf ga'uu mana barumsaa sadarkaa lfaafi sadarkaa 2ffaa giddugaleessaa Ergamoota Wangeela Siwidinii magaalaa Najjootti hamma kutaa saddeettaffaatti barate. Sana boodammoo magaalaa Naqamteetti kan argaman eessumasaa Luba Iddoosaa Gammachiis Onesimoos Nasiib taa'ee mana barumsaa sadarkaa lammaffaa olaanaa Qadamawii Hayila Sillaasee Naqamtee kutaa 9-12tti baratee xumureera.

Sana boodas Finfinnee dhufuudhaan dur



Yunivarsitii Qadaamaawii Hayila Sillaasee kan jedhamu kan booda Yunivarsitii Addis Ababaa jedhame bara 1962-1965tti Kolleejjii Barumsa Bulchiinsa Daldalaa (Business Administration) waggoota sadii baratee erga xumuuree booda eebbifamuuf yeroo waggaan tokko isaa hafu gidduutti dhiisee Hagayya 18 bara 1957 Ministeera Beeksisaa kan jedhamaa ture keessatti rippootara raadiyoonii Itoophiyaa waliigalaa ta'ee qacamee, hamma Fulbaana 30 bara 1963tti tajaajileera.

Sana boodas qajeelcha raadiyoonii sana



keessatti Onkololeessa bara 1963- Sadaasa 20 bara 1967tti Ittigaafatamaa (hogganaa) waliigalaa kutaa oduu raadiyoonii Itoophiyaa ta'ee tajaajileera.

Gaazexeessaa Kifleen osoo kanarra jiruu mootummaa Hayila Sillaasee galagalchee aangoo mootummaa kan qabate Dargiin Afaan Oromoofi Afaan Tigreetiin sagantaa raadiyoonii jalqabuuf murtii dabarseen gaazexeessitoonni sagantaa kanarratti hojjetan yeroo barbaadamanitti Ministeerri Beeksisaa qajeelchi raadiyoonii Itoophiyaa



# Abbaa Sa'aa

## Wancii-Dandii qabeenya uumamaa dagatamuu keessaa ba'ee biyyaaf eebba ta'uuf jiru

Qindeessituun Saamraawit Girmaa

Haroon Wancii bifa waciitii kan qabu yoo ta'u, gaara guutoo gubbaan holqa bishaan keessa ciisudha. Iddoon argama isaas Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Wancii keessa.

Haroon Dandii immoo Shawaa Lixaa Aanaa Dandiitti kan argamu yoo ta'u, lafa diriiraarratti haroo boca lakkoofsa saddeet qabudha. Mandarri Ikoo Turizimii Haroowwan Wancii-Dandii Kun qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsaa godinaalee lamaniin utuu hindaanga'iin misoomaan hawaasa yaadatedha.

Haroon Wancii uumamaan Magaalota Muummee Godinaalee Shawaa Lixaafi Shawaa Kibba Lixaarraa fageenya qixa ta'e irratti argama.

Mandarri Ikoo Turizimii Haroo Wancii-Dandii akkuma uumaan adda ta'e hawaasa godinaalee lama misoomaan badhaasuunis adda. Amboorraa gara Kibbaatti Kiilomeetira 30-35, Walisoorraas akkasuma fageenya walqixa ta'erratti argama.

Daawattoonni biyyoota alaarraa dhufanis ta'e biyya keessaa mandara turizimii kana daawwachuuf imalan Amboofi Walisoo mil'achuu yoo fedhan dhamaatii malee argatu. Kunis qabeenya uumamaa barootaaf dagatame misoomsuun hojiirra oolchuun cinatti galii magaalota lamaani guddisuun keessatti gumaacha guddaa qaba.

Mandarri ikoo turizimii Wancii handhuura Oromiyaafi biyyaa teessoo dippilomaatotaafi gamtaa Afrikaa kan taatee Finfinneerraas gara Kibba Lixaatti kiilomeetira 150-155 hincaallerratti argama. Kunis haroo uumamaa, miidhaginaan gita hinqabne misoomaan faayamuun daawwattoota simachuuf qophaa'e keessaa Finfinneetti dhihaachuunis kan isaan qixxee hinjiru.

Imaloota biyyoota gara garaa Daandii qilleensaa Itoophiyaatti fayyadaman, Finfinneetti bu'uun imala biyya biraaf darbaniiifillee iddoo aara galfii dhiheenya jiru ta'uun isaa adda. Pirojektiiin guddicha seenaa hawaasa naannawicharraa darbee kan godinichaa, darbees kan naannichaa akkasumas, kan biyyaa jijjiiruu danda'u kunis torban har'aa bakka abbaan mul'ata Maaddiin Biyyaaf Doktor Abiyi Ahimad, Giiftii Duree Zinnaash Taayyaachoo, Pirezidaantiin Oromiyaa Shimallis Abdiisaa, Komishinni Komishinii Gamtaa Afrikaa Muusaa Mahaammata Faakiifi anga'oonni olaanoon biroon argamanitti sirna ho'aadhaan eebbifameera.

Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyi Ahimad (PhD) haasawaa taasisaniin akka jedhanitti, Wanciin yeroo hunda kennaa uumamaa qulqulluu taatee turteetti. Eebba dinqii uumamaa kana kunuunsaniifi gabbisaniiti itifayyadamuun immoo gocha nurraa eegamudha. Adeemsa mandara turizimii uumamaa (Eco Tourism) Wancii Dandii misoomsuu keessatti boqonnaa ijaarsasaa keessatti lammiilee kuma saddeetii hamma kuma 12 ta'aniif carraan hojii uumameera. Hojiin misooma bu'uraa guddaan hojjetameera. Daandiiwwan kiiloo



meetira 43, ibsaan daandii kiiloo meetira 35fi dhiheessiin humnaa, riqichi meetira 72fi manni barnootaa kan keessatti argamanidha. Dargaggoonni naannichaa fayyadamummaa dinagdee hojiilee misoomaa guguddoo waliin dhufan dhamdhamachuu eegalaniiiru. Hawaasni bal'aa naannichaa amma carraa faayidaa olaanaa argamsiisu argateera.

Hojii kanarrattis yaadamni ida'amu haalaan milkaa'uu eeranii, agarsiistuun kanaas ijaarsarratti hirmaannaa hojii dargaggootaafi qabeenya uumamaa miidhagaatti misoomaan simboo itti dabaluu cinatti hojiileen hawaasa naannichaa fayyadan hojjetamuu himu. Hojiin kunis dheebuu misoomaa qabeenya uumamaa kanaaf gaarii ta'uus qabeenya bal'aa guutuu biyyaa jiru waliin jalqabbii yoo ta'u, fuulduratti hojii guddaan akka hafu kan agarsiise ta'uu ibsu. Hojiin naannawaa Ikoo Turizimii kanaatti hojjetames miidhagina uumamaatti iddoo aara galfii mijessuun daawwattoota hawwachuun ta'us ni kaasu.

Lammileen hidda dhalootaa Itoophiyaa dhaloota lammaffaa biyyoota garagaraa jiraatanis dilbii qabeenya uumamaa biyyi abbaasaanii qabu sirnaan beekuuf dhufanii ilaaluu akka qaban waamicha dhiheessaniiru. Hawaasni qabeenya kana kunuunfachaa keessummaa gara qe'eesaatti dhufu akka aadaafi duudhaa Oromootti simatee keessummeeffachuu akka qabu dhaamu.

Pirezidaantiin Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa gamasaaniin, Mandarri Ikoo Turizimii Wancii-Dandii wiirtuu qofa osoo hintaane, karra carraa hedduu kan banu ta'uufi misoomni turizimii adeemsa rog-hedduu kan hammatu ta'uu kaasu. Galii maddisiisuu, carraa hojii uumuufi intarpiyuunarummaa jajjabeessuun guddina dinagdee keessatti gumaacha guddaa akka taasisuufi mandarri kun, turizimii itti fufiinsa qabu misoomsuu, bareedina uumamaafi qabeenya aadaa kunuunsuun dhaloota dhufuuf dabarsuuf kan dandeessisu ta'uu ibsu.



“Mandarichi namoota iddoo adda addaa irraa dhufan walitti fiduudhaan walhubannoodhaaf haala mijeessa. Daawattoonni aadaa, duudhaafi haala jireenya naannoo sanaa hubachuuf carraa argatu. Kunis walhubannoofi waldanda'uu guddisa. Namoota Mandara Ikoo Turizimii kana dhugoomsuuf gumaachan hundaaf galatan qabu ibsuun barbaada. Hoggansaafi hojjetoota pirojektichaa, hawaasa naanniichaa, deggartoofaafi michoota keenya hundaaf ulfaadhaa jechuun barbaada. Hundaa ol, yaada isaa maddisiisuu irraa kaasee, bajata sassaabuufi hordoffii cimaa taasisuun, pirojektichi qulqullina qabameefi yeroo taa'e keessatti akka dhugoomu kan taasisan, Ministira Muummee fi Looreetii Nagaa Addunyaa Doktor Abiyi Ahimad, maqaa kiyyaafi maqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin galateeffachuun barbaada” jedhu.

Ikoo Turizimiin Wancii dandii damee misooma turizimiin Afrikaa pirojektii fakkeenya ta'uudha kan jedhan ammoo Isteet Yunivarsiitii Ameerikaa Kaaliforniyaatti yeroo dheeraaf barsiisummaan kan tajaajilan Pirofeesar Alamaayyoo Gabra Maariyaami.

Pirofeesarii kun pirojekticha erga daawwatanii booda teessuma haroo wanciifi miidhagina uumamaa dinqisiifachuusaaniifi diiyyaaspooraan biyya isaarraa fagaatee ture iddoowwan akkasii yoo ijaan argu biyyaaf quuqamuu bira darbee waa'ee biyyasaa dubbachuu danda'a jedhan.

Iddoowwan hawwata turizimii akkasii ilaaluun, addunyaatti beeksisuun, ijaaruufi misoomsuun irraa fayyadamuu akka barbaachisu kaasanii, Cabaraa Curcuraa, Gorgoraafi pirojektiiwwan kanneen biroo daawwachuusaaniifi pirojektiiwwan ijaarsi isaanii xumurame kunneen hawwattummaan isaanii adda ta'uu ibsu. Dinagdee Itoophiyaa miidhuuf qaamoleen holola afarsan jiraachuu kaasuun iddoowwan akkasii beeksisuun holola isaanii fashaleessuun akka barbaachisu eeraniiru.

Lammiileen Itoophiyaa dhaloota lammaffaa gara biyyaa dhufaa jiraachuu himuun mandara Ikoo turizimii kanneen akka Wancii Dandiifi kanneen biroo daawwachuun qabeenya biyyattiin qabdu baruufi beeksisuun akka irraa eegamu dhaamu.



## Marii biyyaalessaa dhiyootti eegaluuf hojiin...

Diyaasporaa golee addunyaa arfan jiran waliin mariin taasifameera. Bakkeewwan mariin taasifamu hunda xumuruun mariin biyyaalessaa yeroo dhiyoo keessatti eegala.

Tasgabbiin nageenyaa uumamaan qaamolee qabsoo hidhannoo adeemsisaa jiran hunda waliin marii taasisuuf komishinichi qophii ta'uu himanii, ammatti garuu yaadni qaama hundaa akka dhaga'amuuf, gaaffii qaamoleen kunneen qabatanii qabsaa'aa jiran keessummeessuuf hawaasa isaan ni qabsoofnaaf jedhanirraa yaadniifi bakka bu'iinsi fudhatamaa jiraachuu hubachiisaniiru.

Qaamoleen hidhatanii socho'an hawaasa yaadasaanii hirmaatuufi hordofu qabaachuusaanii ilaalcha keessa galchuun, keessattuu qaamolee Oromiyaa keessatti yeroo ammaa qabsoo hidhannoo taasisaa jiran waliin kallattiin mariin adeemsifamuu baatus hawaasa yaada qaamolee kana qooddatan bakka buusuusaanii ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, hirmaachisummaan marii biyyaalessaa Itoophiyaan taasisaa jirtu kan biyya kamuu caalaa fooyya'aadha. Biyya kamittuu nama hunda mariiratti hirmaachisuun hindanda'amu; ta'us yaadni namoota hundaa bakka bu'ummaan akka keessummeeffamu taasifamaa jira. Bakka bu'ummaan akkanaa seenaa jalqabbii dimokiraasii biyya Giriikii keessattuu kan ta'ee hinbeeknedha.

Bakkaa bakkatti garaagarummaan jiraatus

kanaan dura hirmaannaan dubartootaa haala barbaadameen ta'uu dhabuu himanii, haala amma jiruun garuu hirmaannaan dubartootaa harka walakkaa ta'uu himaniiru. Hirmaannaa dubartootaarratti kan hojjetu koreen koormiyaa addatti hundaa'us akkasumas Waldaalee Siivikii Hawaasaa kan hoggantu dubartii ta'uu akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Marii hanga ammaatti kutaalee hawaasa garaagara waliin taasifameerraa ummatni biyyattii dheebuu nageenyaa guddaa akka qabu hubachuu eeranii, keessattuu hawaasa diyaasporaa golee addunyaa garaagara jiran waliin taasisaniin baay'eenaa maallaqa, teknolojiifi yaadaan tumsa taasisuuf fedhii olaanaa qabaachuu dubbataniiru. Kana jechuun diyaaspora muraasni sochii kana hinmorman jechuu osoo hintaane dhibbantaan 90n fedhii inni agarsiise kan caalaatti hojjechuuf isaan onnachiise ta'uu ibsaniiru.

Gama birootiin rakkoon nageenya amma jiru ilaalchisee Doktor Yoonaas akka jedhanitti, sochii komishinichaarratti hanga tokko dhiibbaa akka uumuu kaasani, ta'us mariin kan barbaachiseef walddhabbiin waan jiruuf waan ta'eef gufuu guddaa akka hintaane himu. Biyyootni akka Beenin, Keeniyaa Tuuniziyaa gama tokkoon waraanni osoo jiruu gama biraan marii taasisuun gara tasgabbiitti dhufuufi kan Itoophiyaas kanarraa waan adda ta'uu akka hinqabne kaasu.

## “Nagaafi jaalala cimsinee haa...

jedhan

Walittiqabaan qulqullootaa Qees Doktor Mulgeetaa Siyyuum gamsaaniin Kataran imala Kiristoos Yarusaaemirraa gara Yohaannisitti taasisedha. Kaleessas Taaboti bakka jirurraa ka'ee gara cuuphaa dhaquun isa Kiristoos gara Yohaannis dhaqeen walqabata jedhaniiru. Cuuphaan jaalaafi tokkummaadha jechuunis ibsaniiru.

Barsiisaan Yuunivarsiiti Qiddisti Sillaasee Qees Mazgabuu Kaasaas ayyaanni cuuphaa ayyaana jaalalafi tokkummaati jedhaniiru. Dhalli namaa cuuphaadhaan tokkummaasaa waan ibsatuuf ayyaanni cuuphaa ayyaana tokkummaan itii ibsamuudha jedhaniiru.

Kutaa magaalaa Araadaatti raayyaa nageenyaa aanaa 9 kan ta'an Aade Samiiraa Hasan waldanda'uu amantaan tokkummaa cimsa jedhaniiru. Amantaasaanii amantaa Islaamaa ta'us obboleewwan Kiristanaa naannawa tokkotti waliin guddanne waan ta'eef ayyaanichi akka nagaan kabajamuuf nagaafi tokkummaa hunda keenyaati jedhaniiru. Kana qofaa osoo hintaane nagaan kabajamuun ayyaana cuuphaa maqaa gaarii biyyaa daawwatoota alaa dhufanitti agarsiisuuf gumaacha olaanaa qaba jedhaniiru.

## Mee isaan...

Kifteen durumaanuu achi keessa waan hojjechaa jiruuf ittigaafatamummaan gara kutaa Afaan Oromooti jijjiirame. Haaluma kanaan Gaazexeessaa Tamasgeen Gammadaafi Kumaa Eda'ee raadiyoonii Itoophiyaa qophii Afaan Oromoo magaalaa Harar irraa darbu keessaa Finfinneetti ol fudhachuudhaan, Kiflee waliin Muddee 18 bara 1967 raadiyoonii Itoophiyaa qophii Afaan Oromoo yeroo jalqabaaf dabarsuu jalqaban.

Gaazexeessaa Kifleen raadiyoonii Itoophiyaa Qophii Afaan Oromoo hamma Onkololeessa 30 bara 1969tti erga tajaajilee booda Sadaasa 1972 gara Ministeera Beeksisaa, dhaabbata Piresii Itoophiyaa Gaazexaa 'The Ethiopian

Herald' Afaan Ingiliziin Wiixatarraa kan hafe guyyaa hunda maxxanfamurratti bara 1976tti Qopheessaa Olaanaarraa eegalee hanga sadarkaa Associate editor in chief ta'uudhaan hanga bara 1996tti tajaajilaa erga turee booda gaaffii ofiisaatiin soorama ba'e.

Gaazexeessaa Kifleen 'International Institute of Journalism College of Solidarity' irraa barumsa fageenyaa gaazexeessummaa hordofee waraqaa ragaa argateera. Kana malees "Vision International University" jedhamurraa barumsa Amantiidhaan 'The Degree of Bachelor of Theological Studies' dhaan eebbifameera.

Gaazexeessaa Kiflee Jootee Gammachuu baroota ogummaa gaazexeessumaarra ture mirga Oromootiif quuqamee qabsaa'aa

## “Cuuphaa wayita kabajnu, amantiifi aadaa...

Ayyaana Cuuphaa wayita kabajnu, dhimmoota amantiifi aadaatti dabalataan wantoota imala dhala namaaf faayidaa qaban akka yaadamu imaanaa jedhanii, hojiilee akka biyyaatti hojjetaman kaayyoo lamaaf, jechuunis biyya baraaruufti daandiilee biroo argisiisuu ta'uu kaasan.

Itoophiyaan biyya cabiinsa hedduu keessa dabarsite ta'uu himanii, Kiristoos akkuma Addaamiif gadde Itoophiyaanis kan gadduuf barbaaddi jedhan. Har'a wayita biyya baraaruufti hojjenutti kanneen biyyarratti miidhaa caalu fiduuf socho'an jiraachuu eeruun, balleessuun bararsa waan hin injifanneef injifatamanii hafuunsaaniis waan hafu akka hintaane kaasu.

Hojiileen biyya baraaruu hojjetaman namoota hundaa ifa akka hintaane, hanga namoonni walitti qabamanitti, hubataniifi gamtaa'anitti eeguun hojii biyya baraaruu hojjechuu dandeenya;

wantoonni yeroon itti ifa ba'an jiru jechuunis ibsan.

Biyya baraaruufti hojiileen hojjetaman akka ibsaa har'a ifuu dhiisuu mala kan jedhan Doktor Abiyyi, hundatti walqixa akka hinmul'anne

## “Ayyaanni Cuuphaa ayyaana fakkeenyummaa...

Itoophiyaanota maraati jedhanii, ayyaana guddaa ummata bal'aan dirreerratti kabajamuufi tokkummaa jabaan itti calaqqisu ta'uu ibsaniiru. "Wandaboon cuuphaaf hintaane haa ciccitu" wanti jedhamuufis guddummaafi miidhagummaa ayyaanichaa mul'isuuf akka ta'es yaadachiisaniiru.

Kiristoos Waaqa guddaa ta'ee osoo jiruu gad of deebisee harka Yohaannisitti cuuphamuunsaa gad of deebisuun obboleessarraa tajaajilamuufi tajaajiluu nu barsiisuuf kan jedhan Lubni Kitilaa Balaay, ummatni biyyattiis garaagarummaa amantiifi sabummaan osoo hindaangeeffamin gidduusaaniitti jaalalaa kabaja akka dagaagsan dhaamaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Barreessaa Olaanaan Gumii Dhaabbilee Amantii Itoophiyaa Lubni Taagaay Taaddalaa gamasaaniin, ayyaanni cuuphaa Silaasheen (Abbaa, Ilmaafi Afuurri Qulqulluu) kan argame ta'uu yaadachiisani, ayyaanni kun ayyaana dirreerratti kabajamu waan ta'eef kabaja ayyaanichaarratti hordoftoota amantii kiristaanaa qofa osoo hintaane kanneen biroos ni argamu. Daawwattoonni biyya keessaafi alaa waan irratti argamaniif ayyaana tokkummaa ta'uusaa ibsaniiru.

Dirree ayyaanichi itti kabajamu qulqulleessuu, nyaata bilcheessuufi keessummoota ayyaanichaa simachuuf haalli Itoophiyaanotni garaagarummaa amantii malee waltumsan mataansaa kan nama

ture. Hunda dura Oromummaa isaatti kan boonu ture. Kabajamuu mirga Oromootiifis qabsaa'ota dhaaba mirga Oromoof dhoksaadhaan baroota sana socho'anii wajjinis walitti dhiyeenya qabuun mari'achaa yaadaafi gorsa kenna ture.

Gaazexeessaa Kifleen gaazexeessitoota waliin hojjetu, hoggantootasaafi gaazexeessitoota inni hogganuu wajjin hariiroo gaarii qaba ture. Naamusi hojiiratti qabus gaazexeessitootaafi hoggantoota Ministeera Beeksisaa dhaabbata garagaraa biratti baaay'ee jaallatamaa ture.

"Kun Raadiyoo Itoophiyaa Qophii Afaan Oromooti" jechuudhaan yeroo sagantaan raadiyoonii Itoophiyaa jalqabu sagaleen dhageessan kan gaazexeessaa jaallatama Kiflee Jootecti. Gaazexeessaa Kifleen abbaa ijoollee dhiiraa afuriifi durbaa lama (Daani'eel Kiflee waggaa torba dura kan du'e, Doktor Daawwiit

himu.

Yeroo rakkoowwan darban keessa ce'aa akkasumas, haala biyyaalessaa haaraatti ce'aa jiraachuun yeroof mul'achuu dhiisuu akka danda'u, cuuphaa boodaa hundaa akka ife, lammaffaa dhalachuufi haaromsii Itoophiyaa hundaa yeroon itti mul'atu akka dhufu eeraniiru.

"Akkuma Kiristoos daandii cabiinsaa Addaam hordofee bakka kufee hundaa kaase, hojiin biyya baraaruu daandii cabiinsaa biyyaa hordofuu gaafata. Tokkoon tokkoo boqonnaa jiruutti bakka biyyi itti kufte barbaaduun kaasuu kan gaafatuufi barbaachiifi imalli jirus qormaataan kan guutameedha" jedhan.

Ayyaanni Cuuphaas boqonnaawwan lama gidduutti boqonnaa argamu yoo ta'u, kunis ummata hedduuf kan hinifoomneefi kan ifoomeef gidduutti kan argamu ta'uu dubbatan.

Bara tajaajila waggoota 33 keessatti ummataaf kan ifa ta'e caalaa barri tajaajilaa ifaa hintaane akka baay'atu, wanti ajaa'ibsiisaan biraan ammoo wayita ummata hundaa ifetteellee ummanni hundi hubatee tokkummaan dhaabbachuu dhaabuudha jedhaniiru.

boonsu ta'uus dubbataniiru.

Haa ta'u malee, ayyaanni kun ayyaana amantii waan ta'eef gochaafi ilaalcha kabaja ayyaanichaa xiqqeessurraa of qusachuun barbaachisaa ta'uu hubachiisani, Ayyaana Cuuphaa dabalatee kabaja ayyaanota garagaraarratti alaabaafi dhaadannoo siyaasaa fayyadamuun kaayyoo kabaja ayyaanichaa kan hinibsine qofa osoo hintaane ulfaatina ayyaanichaa daran akka xiqqeessu himu.

Gartuu muraasni yeroo eeggatanii kabaja Ayyaana Idaarratti akkasuma Fiigicha Guddicha Itoophiyaafaa dabalatee akka carraatti fayyadamuun ilaalcha siyaasaafi jibba qaban calaqqisiisaa turuu yaadachiisani, Ayyaana Cuuphaa galmee addunyaarratti galmaa'ee kanarratti ergaan darbu hundi of eeggannoofi miira ittigaafatamummaa qabuun akka ta'us hubachiisaniiru.

Bifa yeroo kamuu ta'ee hinbeekneen mootummaan osoo haala miijeessaa, dirree kabaja ayyaanota qulqulleessaafi gaaffii jiruuf waltajjii qopheessaa jiru tibba darbe ergaa abbaan amantii tokko biyya hambaa taa'ee dabarse daran kan nama mufachiisu ta'uu himanii, nama golga amantiin dhaloota summeessuuf kaatu akkasiiratti olaantummaan seeraa dirqama ta'uu dhaamaniiru. Ayyaanichi ayyaana nagaa, tokkummaafi jaalalaa akka ta'u hawwii qaban ibsaniiru.

Kiflee kan Ameerikaa jiraatu, Barsiisaa Ayyaansaa Kiflee, Computer Engineer Salamoon Kiflee, Aade Lamlam Kiflee Baankii Daldalaa Itoophiyaa keessaa kan hojjetu, Hanna Kiflee Daandii Qilleensa Itoophiyaa keessatti ('crew scheduler') ture. Gaazexeessaa Kiflee dhukkubsatee manuma jireenyaasaa keessatti utuu walddhaanamu Sadaasa 9 bara 2011 adduunyaa kanarraa du'aan gargar ba'eera.

Yaa dubbistootaa! namooti biyyaaf qooda olaanaa raawwatan, seenaan isaanii barreeffamee dhalootaa gara dhalootaatti darbuu qaba ejjennoo jedhun qaba. Waan kana ta'eef, kunoo seenaa Kiflee gabaabinaan isin dubbisiisuuf yaaleera. Intalasaanii Aade Hanna Kiflee, maqaa keessaniin nan galateeffadha; isinis waan dubbistaniif galatoomaa!

*Isaayyaas Hordofaa Mijena / Gaazexeessaafi Barreessaa/*





BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin

## Carraan Luusiiwanii dhiphateera

**Finfinnee:** Waancaa kubbaa miilaa Addunyaa kan dubartoonni umrii 20 gadi ta'an irratti hirmaatan ALA bara 2002 Kaanaadaatti jalqabame.

Walmorkii kanarratti biyyoonni 12 ramaddii saditti qoodamuun kan hirmaatan yoo ta'u, Ameerikaan waancaa jalqabaa fudhachuun seenaa hinirraanfataamne hojjetetti.

Wancaa kanaaf biyyoonni hirmaatan dabalaa dhufuun Waldaan Kubbaa Miilaa Addunyaa "FIFA"n gareewwan kubbaa miilaa dabaluu ammaan tana gara 24ti guddiseera. Biyyoonnis ramaddii sadirraa 6tti siqaniiru.

Walmorkii kanarratti Awurooppaafi Ameerikaa Kibbaarraa biyyoonni shan shan, Afrikaa, Eshiyaafi Ameerikaa Giddu Galeessarraa biyyoonni afur afur, Oshiniyaarraa ammoo biyyoonni lama ni hirmaatu jedhameera.

Wancaan Kubbaa Miilaa Dubartootaa Addunyaa umrii 20 gadii kun kanaan dura yeroo 10f kan adeemsifame yoo ta'u, Afrikaa bakka bu'uun Naayijeeriyaan yeroo kurnanuu hirmaateetti.

Naayijeeriyaan waancaa kubbaa miilaa dubartoota Afrikaa yeroo 11f shaampiyoonaa ta'uun fudhachusheetti Afrikaa bakka bu'uun kan addunyaa kanarratti hirmaachuuf carraa kan argatte.

Wancaan Kubbaa Miilaa Dubartootaa addunyaa kun baranas ALA Hagayya 31 hanga Fulbaana 25 magaalaa guddoo Kolombiyaa Baagootti adeemsifama jedhamee eegama.

Biyyoota Afrikaa afran waancaa kanarratti hirmaachuuf carraa argatan addaan baasuuf jecha Sanbataafi Dilbata darbe biyyoota adda addaa gidduutti walmorkiin gulaalaa gareewwan saddeet jiddutti adeemsifameera.

Haaluma kanaan Kaameerun Misir 4-2n, Naayijeeriyaan Burundii 1-0n, Morookoon Itoophiyaa, Gaanaan Seenegaal qabxii walfakkaatu 2-0n mo'ataniiru. Afrikaa bakka bu'uun waancaa dubartoota addunyaa kanarratti hirmaachuuf biyyoonni saddeetanuu fiixerra gahanis abdiin biyyoota mo'amtotaan waan dhiphatu fakkaata.

Haaluma kanaan tapha deebii kan har'aafi boru adeemsifamanitti Burundiin Naayijeeriyaan 2-0n, Itoophiyaafi Seeneegaal ammoo morkitootasaanii 3-0 olin mo'achutu isaanirraa eegama. Misir ammoo Naayijeeriyaan 4-0n mo'achuu qabdi. Gareen kubbaa miilaa dubartoota Itoophiyaa Luusiiwwan tapha deebii kana Morookoo wajjiin kan taasifatu boru waaree booddeedha.

Gareen kun sanbata darbe Morookoo wajjiin taphachuuf gara magaalaa Raabaatitti kan qajelee yoo ta'u, leenjisaan garichaa hamma humnisaanii danda'etti falmii kan taasisan ta'uu eeree, taphattoonni Morookoo pirofeeshinaaloota kilaboota Awurooppaaf taphataniifi muuxannoo olaanaa qaban waan ta'aniif isaan injifachuu baannus dorgomtoota gaarii taane deebina jedhee ture.

## Humni Eletiriikii shaampiyoonaa qaxxaamura biyyaa ta'e

**Finfinnee:** Itoophiyaatti dorgommiin qaxxaamura biyyaa akka adeemsifamu yaadni kan dhihaate bara 1976 ture. Kunis kabaja hundeeffama waggaa 10ffaa Mootummaa Dargii sababeeffachuuni.

Bu'uruma kanaan dorgommiin qaxxaamura biyyoolessaa Amajjii 27 ALI bara 1976 dhaabbata ispoortii Jaan Meedaatti jalqabame.

Yeroo dorgommiin jalqabaa kun biyya kanatti jalqabamuus Itoophiyaa dabalate Keeniyaa, Bulgaariyaa, Chikozilovaakiyaa, Jibuutii, Yamaniifi Xaaliyaanii irraa atileetonni 18 kan hirmaatan yoo ta'u, atileetonni Itoophiyaa kanneen biyyoota alaa osoo of jidduu hingalchiin 1-6 ba'uun mo'ataniiru.

Dorgommiin qaxxaamura biyyaa Jaan Meedaa kun beekamtii argachuun adeemsifamu erga jalqabee waggoota 40 ol lakkofsiiseera. Baranas yeroo 41ffaaf adeemsifameera.

Dorgommicharrattis Itoophiyaa, Keeniyaa, Sudaaniifi Sudaan Kibbaa kan hirmaatan yoo ta'u, Atileetonni Itoophiyaa akkuma barame mo'achuun olaantummaa gonfataniiru.

Dorgommiin baranaa kun kan adeemsifames, dorgommii qaxxaamura biyyaa Afrikaa kan Amajjii 25 bara 2024 magaalaa guddoo Tuuniziyaa, Tunizitti adeemsifamuufi dorgommii qaxxaamura biyyaa Addunyaa kan Beelgiireed, Sarbiyaatti adeemsifamurraatti atileetoota Itoophiyaa bakka bu'an filachiisuufi.

Haaluma kanaan atileetonni tokkoffaadhaa hanga jahaffaa bahan ji'a kanarraa kaasee bakka tokkotti leenjii akka eegalan ibsameera.



Dorgommii baranaa kanarratti atileetonniifi kilaboonni shaampiyoonaa ta'an waancaa, meedaaliyaafi qarshii badhaafamaniiru.

Haaluma kanaan kilabni Humna Eletiriikii shaampiyoonaa qaxxaamura Biyyoolessaa Jaan Meedaa bara 2016 ta'uudhaan waancaawwan sadii fudhateera. Baankonni Itoophiyaa ammoo waancaawwan lama argachuun lammaffaa ta'eera.

Humni Elektirikii Itoophiyaa shaampiyoonaa kan ta'e fiigicha kiiloo meetira saddeetii dargaggootaa dhiiraan, fiigicha kiiloo meetira kudhanii beektootaa dhiiraafi dubaraan mo'achuusaatti.

Baankoonni Itoophiyaa ammoo fiigicha kiiloo meetira saddeetii walmakaafi fiigicha kiiloo meetira jahaa dubartootaan mo'achuuni.

Dorgommii qaxxaamura biyyoolessaa Jaan Meedaa baranaa kanarratti naannooleen ciccimoo kanaan dura olaantummaadhaan beekaman

barana hinmilkofne.

Haa ta'u malee dorgommii baranaa kanaaf haarawaa kan ta'e atileetiin Magaalaa Shaggar Abeel Baqqalaa fiigicha kiiloo meetira saddeetiin akkasumas, beektootaan Bokii Dirribaa kiiloo meetira kudhaniin tokkoffaa ba'uun falmiin taasisan hawwataa ture.

Magaalaan Shaggar gareedhaanis ulee walharkaa fuudhuudhaan lammaffaa ta'uun meedaaliyaa meetii argachuun isaa kilabichi yeroo dhihoo keessatti hundaa'uun kilabootaafi naannoolee maqaa olaanaa qaban of duuba tarreessuun mo'achuun isaa fuulduraaf abdachiisaa taasisaeraan.

Kanamalees, atileetonni Magaalaa Shaggar dorgommii qaxxaamura biyyaa Afrikaafi Addunyaa barana adeemsifamanirraatti hirmaachuuf carraa argachuun isaanii muuxannoo gaarii argachuuf isaan gargaara jedhamee eegama.

## Taphni Waancaa Kubbaa miilaa Afrikaa ittuma fufee jira

**Finfinnee:** ALA bara 1957 magaalaa guddoo Sudaan, Kaartumitti kan jalqabame Wancaan Kubbaa Miilaa Afrikaa waggoota 67 lakkofsiiseera. Waggoota kanneen keessatti osoo addaan hincitiin haala miidhagaadhaan adeemsifameera.

Qopheessummaa Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa "CAF"n biyyoota Misir, Itoophiyaa, Sudaaniifi Afrikaa Kibbaa jiddutti kan jalqabame waancaa kubbaa miilaa Afrikaa isa jalqabaa tapha maahessaatti Misir Itoophiyaa 4-0n mo'achuun fudhatteetti.

Biyyoota afur jidduutti kan jalqabame waancaan kubbaa miilaa Afrikaa kun miseensoonni isaa dabalaa dhufuudhaan ammaan tana biyyoonni Afrikaa martinu walmorkiiwwan gulaalaa irratti ni hirmaatu.

Walmorkiin kun baranas yeroo 34ffaaf Amajjii 4 bara 2016 keessummeessummaa Kootdivaariin istaadiyoomota shan magaaloota jaha keessatti argamanitti adeemsifamaa jira.

Dargaggoota Afrikaa urjiwwan kilaboota biyyoota adda addaatti taphatan gaaddisa tokko jalatti walitti kan fide Wancaan Kubbaa Miilaa Afrikaa kun guyyaa guyyaadhaan sagantaan baheefi adeemsifamaa jira. Qopheessituu waancaa Kootdivaar dabalatee biyyoonni 24 ramaddii jahatti qoodamuun hirmaachaa kan jiran yoo ta'u, hanga kaleessatti taphoonni 15 taasifamaniiru. Walmorkiiwwan hanga ammaatti adeemsifaman kanatti



Garee Biyyaalessaa Gaanaa

walumaagalatti galchoonni 38 kiyoodhaan wal arganiiru.

Ramaddii tokkoffaarraa keessummeessituun waancaa Kootdivaar Giinii Bisaawoo 2-0n mo'attuus Naayijeeriyaan 1-0n mo'anteetti. Ramaddiidhuma kanarraa Naayijeeriyaan wajjiin 1-1 adda kan baate Ikuwaatoriyaal Giiniin tapha lammaffaatti Giinii Bisaawoo 4-2n gaggeesuudhaan ramaddicha dursaa jirti.

Ramaddii lammaffaarraa Gaanaan Keepvardii 2-1n mo'atee Misir wajjiin 2-2n adda bahuudhaan qabxii afuriin dursaa jirti. Qabxiin isaanii maxxansaaf nu qaqqabu baatus Gaambiyaa 3-0n kan mo'atte Seeneegaal Kaameerun wajjiin kaleessa taphaniiru. Seeneegaal Shaampiyoonaa waancaa 33ffaa ta'uun ishees kan yaadatamudha.

Akkasumas, Morookoon Taanzaaniyaa 3-0n yoo mo'attu, Kaameerunifi Giinii Koonakirii, Aljeeriyaafi Angoolaan, Riippaabilika Dimokraatawaa Koongoon Zaambiyaa wajjiin haaluma wal fakkaatun 1-1n adda yoo bahan, Burkiinaa Faasoo Mooritaaniyaa, Naamiibiyaan Tuuniziyaa qabxii wal fakkaatuun 1-0n mo'ataniiru.

Qabxiin isaanii maxxansaaf nuu qaqqabu baatus kaleessa Keepvardii fi Moozaambik, Giinii Konaakiriifi Gaambiyaan taphataniiru.

Walmorkiin kun itti fufuudhaan boru Aljeeriyaan Burkiinaa Faasoo wajjiin, Mooritaaniyaan Angoolaa wajjiin akka taphatan sagantaan koree waldorgommii Konfedereeshina Kubbaa Miilaa Afrikaa baaserra beekuun danda'ameera.